Iddoo Tokkicha Waaqayyoon Waaqessuuf Qophaa'e

Shreveport, Louisiana USA

65-1128M

1 Nagaa bultanii! Ganama kana asitti argamuu keenyatti in gammadna. Faarfannawwan amantii durii kana tokkuummaa guddaa qabnu kana keessatti faarfachuu keenyaaf in gammadna. warra durii sana in jaallanna. Isin hoo, irra deddeebii Ameen jedhu hin jaallattanii? Inni egaa, *Ameen* kan jedhu ture ture. Jechi kun jecha Inni dhuma irratti dubbate dha.

Yummuu faarfannichi faarfatamaa turetti hiriyaa koo durii wajjin duuba sana taa'een haasa'aa ture. Innis, "Obboleessa koo Biranhaam, waan at dubbachaa turte hanga kaaleessatti hin hubannen ture, waa'ee waan ati dubbachaa turte keessa namoonni sirriitti yoo gadi seenanii hubatan, gufuun hunduu karaa isaanii duraa in kaafama" naan jedhe. Sun dhibbaa dhibbatti sirrii dha. Kun sirrii dha. Dhibbaa dhibbatti sirrii dha. Yoo dandeessan cimsaatiii Isa qabadhaa. Hubattanii?

2 Hiriyaa koo jaallatamaa Erni'ee Fandileriittin haasa'aa ture. Namoonni sarara Shibootiin nu hordofaa jirtan, kaan keessan Erni'ee in yaadattu jedheen tilmaama, attamitti akka inni amane, attamitti akka inni gara Gooftaatti dhufe in yaadattu. Inni Ingiliffatti hagas mara miti, ta'us as dhufee jechuma tokko akka dubbatun barbaade. Inni 'W' fi 'V' wal keessa dha'ee ittiin dubbata. Yeroo Shawaanoo, bakka jireenya isaatti waliin dbarsinee sana in yaadattaa jedhee na gaafachaa ture. Achuma wal ga'ii amantootaa keessatti namichi Luuteranii du'ee tessoo irraa lafatti gadi kufe. Namni hunduu cal akka jedhu goonee, Sagalee Waaqayyoo isa irratti dubbifne, innis deebi'ee in jiraate, ol jedhees of bare. Isaan matumaa taatee sana hin irraanfanne, ammas deebinee akka dhaqnu barbaadaa jiru.

3 Ganama kana akkan hubadhetti, Ergicha afaan Faransaayiitiin biyya Faransaayitti akka geessinuuf, namoonni Faransaayi kuma lamaa ol ta'an guyyaa hedduudhaaf soomaa jiru. Sabni Protestaatii hunduu, garee amantii Protestaantii Faransaayi kan ta'an nu eegaa jiru. Kanaafis nuyi…

Egaa Inni daraaruuf hudhuu jalqabaa jira. Jalqaba...qamadiin achitti facaafamu amma qolli irraa baafamaa jira. Hubattanii? Kanaafuu qulqullummaadhaan isaaniif kadhachuu ittuma fufaa. Hubattanii? Yaadadhaa, "Warri Waaqayyoon abdiidhaan eeggatan garuu humni isaanii in haareffama."

Amma...ture, an akkasan ture...baay'ee dulloomaan jira. Kanaafis, "Haaromsi amantii kan biraa in ta'aa laata, yeroo kan biraan nan argaa?" jedheen yaade. Yaadadhaa, inni farda adii irra taa'u tokko karaa lixa biiftuu dhufuuf jira. Nus karaa isaa irra adeemuuf jirra. Kun sirrii dha. Kun abdii akka ta'e yaadadhaa, hubattanii?

4 Amma,Obboleessa keenya Li'oo...galgala darbe waa'ee Obboleessa keenya Wuudsii dubbachaan ture, obboleessi isaas as ture. Obboleessa keenya Li'oo, atii fi gareen kee ganama kana toora irra jirtu yoo ta'e... Obboleettii keenuya Mersi'eer, abbaan kee as jiru. Galgala kaleessaan isa arge. Inni asuma keessa iddoo tokko taa'aa jira, nagaa isaati itti bareedeeras.

Ganama gaafa gubbaa mana sagadaatti inni fayyee sana, dhukkubasattoota kaanerii hamaa qaban lamatu turan, lachuu qarqara du'aa irra kan turan yoo ta'u, lamaanuu in fayyan. Abbaan isaaniis, maanguddoon dhukkuba onnee dhukkubsatan gara Ulfina Waaqayyootti fidamanii turan. Jaarsi sun amma asuma keessa iddoo ta'e tokko taa'anii jiru. Tuuta namootaa keessatti amma isaan arguu hin danda'u, garuu galgala darba as turan.

5 Guutummaa biyyaa keessa kan jirtan hunduu nagaa isin gaafanna; as iddoo dinqisiisaa, mana sagadaa Laayif Tabarnaakel kan Shireveportitti argamutti, namoonni sonaan baay'een wal dhiibanii Barumsa Mucoolii (Sunday School) tiif walitti qabamanii jiru. Beektuu, utuun Shireveprtiin jiraadha ta'ee, iddoon waldaa sirriidha jedhee dhaqu waldaa Laayif Tabarnaakelii kana dha, yeroon kana jedhu jibba nama kamii iyyuu hin qau. Kun waldaa damee amantii miti. Waldaan Laayif Tabarnaakel mana sagadaa damee amantummaa keessaa ba'anii dha. Isaan anaa fi Ergaan lallabu kana waan simataniif damee amantummaa keessaa ba'an. Obboleessi keenya Jaak Mooree, inni obboleessa koo fi hiriyaa koo yummuu ta'u, sababa inni anaa wajjin walii galee damee amantii keessaa baasan. Kanaafuu gatiin isa eeggatu jira jedheen yaada. Kun sirrii dha. Waaqayyo isa haa eebbisu. Isaa wajjin harka wal qabattanii kadhachuudhaan, isaa wajjin amanaa.

6 Egaa amma, Obboleettii keenya Mooree, iddoo isheen jirtu argaa hin jiru, isheen… Eeyyee, duuba kana jirti. Isheen ganama kana ijoollee durbaa fakkaattee duuba sana taa'aa jirti, wayyaa haaraa uffattee uffannaa Faasikaa fakkeessitee…Obboleessi keenya Jaak iyyuu ishee wallaaluun isaa hin hafu. Egaa, yaa Obboleettii keenya Moore.

Dhugaatti aadde Aannaa Jiinee fi Doon, hunduma isaanii yaanneerra. Obboleessa keenya Noolaan arguu kootti nan gammada, inni itti aantota as jiran keessaa tokko.

7 Obboleessi keenya Erni'een faarfaannaa Ameen jedhu akka faarfatuuf kaleessan isa gaafadhe. Waraabamaa isaa argadheen isa dhaggeeffachaa hojii hojjechaa ture, Ameen. Inni yaa'aa sagalee isaa, rukkutttaa isaas argateera jedheen yaada. Juudii xinnoo, isheen yaadadhe; dhugaadha lamaan isaanii

obboleessaa fi obboleettii fakkaatu. Hin fakkaatanii? Isaan haadha manaa fi abbaa manaa dha. Mee sirriitti lamaan isaanii ilaalaa, maaliif akka isaan akkas wal fakkaatan hubadhaa. Hubattanii? Dhugaa dhumatti haadha manaa fi abbaa manaa jaallatamoo dha. Inni kun akkuma beektan… Obboleessi keenya Paalmer ejjeta warqee (golden stairs) irra tarkaanfateera, isaan kun intala isaa fi soddaa isaa ti. Isheen dhugaadhumatti bu'aa guddisa gaarii inni ittiin mucaasaa guddisee ti. Inni kanneen biros qaba, taajiltoota fuusiseera, isaan sunneen hojii wangeelee warra hijjetanii yoo ta'u amma dirree irra jiru, kanneen biros akkasuma. Kanaafuu, kun waan guddaa dha.

8 An Obboleettii keenya Paalmer hin argine. Dhugaadha, ishee arguu koo arguu dhabuu koo beekaa hin jiru. Isheen wal ga'ii kana keessa iddoo ta'e tokko jirti, Duuba fagoo sana jirti; Obboleettii keenya Paalmer, Waaqayyo si haa eebbisu.

Yeroon waa'ee isaa yaadu hundumaatti garaatu na raafama. Obboleessi keenya Paalmer ejjeta sana erga inni yaabee daqiiqaa muraasa booda, ergaan boqochuu isaa ibsu na ga'e. Biiliin naaf bilbillaan namni ta'e bilbila kaasee…isaanis du'uu isaa in baran. Nuyi hiriyaa attam wal jaallatu turre, boqochuu isaa gaafa barru garaan keenya nu raafame. Garuu maalummaan keenya utuu nu hin daangessin hundumti keenya godaanuuf jirra, tokkuma tokkoon deemuun keenya dirqama. Garuu waan tokko duwwaatu jira, "Waaqayyoon sodaadhu, abboommii Isaas eegi! Kun nama hundumaa irraa in barbaadama; xumurri dubbii dhageenye kana hundumaas isa kana." Macaafa Lallabaa 12:13.

9 Barumsa Mucoolii har'aatiif yeroo baay'ee hin fudhadhu, sababiin isaa sgaleen koo akka duuduu ta'eera.

Nan jedha, Obboleessi keenya Piirii Griin waan dinqii tokko hojjete. Galgala kaleessaa yeroon, "Sagaleen koo utuu hin duudin akkan itti fufuuf waan na gargaartu sanan yaade" jedhu dhaga'ee ture. Nama ta'e waamee bakkeedhaa naa fichisiisuuf yaalee ture. Ani immoo, "IN barfatte, sagaleen koo duudeera" jedheen itti hime. Waggoota dheeraadhaaf waan rakkoo kana furu barbaadaan ture, ergan waan sana argadhee garuu naaf fayyee ture. Garuu amma waan sana waan irraanfadheef sagaleen koo akka na duuduu ta'aa jira. Kanaafuu yeroon dubbadhu sirriitti na faana bu'aa.

10 Egaa amma, nama meeqatu Barumsa mucoolii jaallata? Oo, yaa anaa, kun sirrii dha. Wantii gaariin ijoollee keessan itti erguun ta'u isa dha. Lakki, mee sirreesseen dubbadha, wanti gaariin ijoollee keessa fuutanii dhaquu qabdan isa dha. Kun sirrii dha, ijoollee keessa yoo fiddan ofiis achumaan dhuftu. Akkaataa Barumsi Mucoolii keenya kun yeroo jalqabaaf bu'uureffame nama meeqatu beeka? Eessatti jalqabe? Ingilaandiitti jalqabe. Jalqaba maal jedhamee waamam ture? Barumsa warra moofaa ciccitaa uffatanii (Ragged school) jedhama ture. Kun sirrii dha, "Marumsa warra moofaa ciccitaa" jedhama ture. Namicha barumsa kana hundeesse maqaa isaa nan irraanfadhe. Maqaan isaa eenyu ture? [Namni ta'e tokko, "Roobert Ree'iksi" jedhe.] Sirrii dha, dhuguma sirrii dha. Inni ijoollee xixiqqoo karaa irratti kufanii jiraatan (warra moofaa ciccitaa uffatan, warra iddoo dhaqan hin qabne, warra baay'ee gadhee ta'an) walitti qabee barumsa Macaafa Qulqulluu isaan barsiisuu jalqabe. Innis guddatee bara har'aatti Barumsa Mucoolii (Sunday school) jedhamuudhaan seerota waldaa gurguddoo keessaa tokko ta'ee tajaajilaa jira. Itti fufuun gaarii dha. Dhufuu hin dagatinaa, ijoollee keessan fidaa kottaa. Manni sagadaa kun barsiisota, daree meeshaa barbaachisu qabuu fi waan kana fakkatuun kan guute dha. Nammoonni dhi'eenya amantanii gara Kristos dhuftan, Ergicha duukaa bu'aatii hordofaa; as mana sagadaa Laayif Tabarnaakelii kottaa, isaan akka gaariitti isin hubachiisu.

11 Egaa amma, galgala har'aa toora kadhataa isa durii kaanee amaleeffanne in qabaanna. Obbolewwan koo Jaakii fi Braawun, akkuma kanaan dura gochaa turretti dhukkubsattootaaf in kadhanna.

Obboleessi keenya Braawun kaardii kadhataa kennaa turuu isaa arguu koo nan yaada dha, akkasumas attam akka inni tajaajilaa… Guyyoota sana keessa dhaabbata nu keessaa…isaan dhiibbaa isarratti godhan, beeki, "Ani obboleessa keeti," waan kana sirriitti beekta. "Achitti ol na baafte." Oo, inni dhugaa yeroo hamaa keessa ture, garuu dhugaatti cichee jiraate. Obboleessi keenya Braawun nama gaarii tokko. Kanaafis nuyi isa jaallanna.

12 Akkuman hunda keenya ilaalaa jirutti, sadan keenya umuriidhaan gara dhumaatti munyuuqaa jirra. Wanta guddaa ta'e sana, wanta Dhugaa ta'uu isaa beeknu sana of keessa hin keenya yoo taane waan gaddisiisaa dha. Guyyaa tokko bifa dargaggummaa keenyaatti deebi'uuf jirra, dhagni keenya kun in geeddarama, akka fakkaattii isaa duraatti deebi'ee in dhaabata. "Godoon jireenyaa, (kana jechuun dhagni keenya,) lafa kana irraa yoo jige, ijaarsa harki namaa hin ijaarin, mana bara baraan bantii waaqaa keessa jiraatu, Waaqayyo biraa akka qabnu in beekna."

13 Firoota koo, isa keessaa wanti galataan guutuun isa jaallatamaa Gooftaan Yesus…Warri wantin isinitti himu Dhugaa ta'uu isaa amanatan; jaallatamaa Gooftaan Yesus ganama gaaf tokkoo sa'atii lama irratti Biyyicha akkan argu na godhe. Egaa inni mul'ata hin turre; garuu akkas jechuu hin barbaadu. Inni akkuma isan amma isinitti dubbachaa jiruu kana waan qabatamaa, waan dhugaa ture. Egaa fuula namootaa nan arge, garuu isaan baruu hin dandeenye, isaan gara darggagguummaatti deebi'aniiru. Akkuma isa dhugaa lafa jiruuttin harka isaanii qabee nagaa gaafadhe. Qabatamaa akkuma….

14 Inni na fayyade, sababiin isaa yaada kana of keessaa qaban ture waan ta'eef, innis: Namni yeroo du'u lubbuun isaa baatee sokkiti jedheen yaadaa ture. Garuu Inni kutaa kana naaf tuqe, "Godoon nuyi keessa jiraannu kun yoo jige, durumaan kan nuuf qophaa'e qabna" kan jedhu ture. Hubattanii? Dhagni tokko as jira, dhigni waaqa irraa (celestial body) immoo waaqarra jira, sanatti aansee immoo dhagna ulfina qabeessa guyyyaa du'aa ka'uutti qabna. Hubadhaa, kun sadan guutuu isa taasisu. Hubattanii? Ekeraa miti, yaada namni maddisiise miti, hafuuras miti. Isaan akkuma keessan kana dhiiraa fi dubartii turan.

15 Sana boodas, waaggootaan dura buufata warra badanii achitti nan arge. Firoota koo isinittan hima, akka nama maanguddoo tokkotti kana isinan amanasiisa, guutummaa biyyaa keessa kan jirtan hunduu iddoo sana ilaaluu hin barbaadinaa. Utuun ogeessa fakkii ta'ee iyyuu akkataan fakkii isaa kaasii isinitti agarsiisu hin beeku. Akka tajaajilaa tokkotti, akkan itti isinitti agarsiisu hin qabu. Waa'ee qililleе iddoo ibiddi boba'aa jiruu yoo jenne, harka biliyoona tokko isarra caalaa kan hammaatu dha, wanta nama naasisu dha.

16 Waaqa irraa…yookis iddoon kuns, eessa iyyuu haa ta'uu, maal jedhee akkan waamu hin beeku. Inni warra achi jiran sana, "Lubbuu iddoo aarsaa jalaa" jedhee waame. Garuu yeroo kun ta'etti, an raawwadhee… Attam waan gaarii nama gammachiisu akka ta'e jechan ittiin ibsu hin qabu. Ani nama waanan ta'eef jecha koo fudhachuu dhiisuu dandeessu. Hubattani? Garuu akkuma mul'anni ani isinitti himaa ture raawwachaa turetti, dhugummaa isaas akkuma isini beektan sanatti, mul'anni kunis dhugaa dha. Waan fedhe iyyuu yoo gootan, waan hundumaa illee yoo dhabdan (fayyaa, humna, agartuu ija keessanii, waan kam iyyuu) yoo dhabdan illee, Isa hin dhabinaa. Wanti isaan madaalamu tokko illee hin jiru. Inni…Afaan Ingiliffaatiin jechan ittiin Isa ibsuu danda'u hin jiru. Yoon guutuu (pefect) jedhe, inni isa kana garasitti; yoon kan ittiin qixxaatu hin jiru (superb) jedhe, inni sana garasitti; yoon waan hundumaan guutuu (Sublime) jedhe, inni sana garasitti. Jechi ittiin isa ibsuun danda'amu hin jiru, sababiin isaa dhuma isaa bira ga'uun hin danda'amu waan ta'eef. "As dhufuu koo hin sodaadhuu?" jedheen keessa kootti yaade.

"Nyaata in nayaattuu?" jedheen gaafadhe.

"Asitti miti. Asitti hin nyaannu, garuu yummuu gara lafaatti deebinutti dhagna itti nyaannu in fudhanna" naan jedhan.

17 Gaarii dha egaa, isaanii wajjin wal qaqqabuu dandeenya turre. Isaan akkuma sanaa ti. Hubattanii? Isaanis… Ani immoo, "Gaariidha, isin…" jedhe. Oo, eeyyee, isaan qaama qabu turan. Ekeraa miti, dhagana dhugaa ti malee. Walii walii keenya in beekna turre. Isaan hunduu na beeku turan, isaan miliyoonatti lakkaa'aman na hammataaa turan.

"Gaarii dha egaa, Isa asitti na fide arguun barbaada"n ittiin jedhe.

"Amma Isa arguu hin dandeessu, yeroof eeguu qabda" jedhe.

An immoo, "Maaliif asitti ol na fidde?" jedheen gaafadhe.

"Ati yeroo lafarra turte geggeessaa turte" naan jedhe.

An immoo, "Isaan kun hunduu kan Branhaami naan jechuu keetii?" jedheen gaafadhe.

Inni immoo, "Lakki! Isaan warra ati gara Kristositti jijjiirte dha" naan jedhe. Hubattanii?

18 Of duuba galagaleen ilaale, dukkanni halkanii jabaa fi qorusi hunduu yummuu darbetti fuula isaanii arguu nan danda'e. Dubartiin dargaggeettiin tokko, dubartiin baay'ee miidhagdu tokko ol fiigdee natti marmite, "Obboleessa koo jaallatama" naan jette. Yeroo isheen darbitetti… Egaa, isheen dubartii turte. Kanaafuu…Garuu cubbuun achi keessa raawwatee hin jiru. Hubadhaa, achi xannachoonni keenya kan jijjiiramani dha. Isaan kana booda achitti mucaa godhatanii hin guddisan. Hubattanii? Hubadhaa, hunduu tookuma (the same).

Wanti garaagarummaa uumu miira namatti dhaga'amu dha. Sababiin oobdii manaa keessa shubbisuutti hin amanneef isa kanaafi. An Waaqayyoo fi Macaafa Qulqulluu koo duratti, ijoollummaa kootii jalqabee hangan nama ga'eessa ta'e hundumaa keessatti jireenya qulqulluun jiraadhe. Durbin wajjin jiraadhe jirti taanaan, ishee wajjinan fuula Firdiitti dhi'aa dha. Hubattanii? Nama kamiin iyyuu haa ta'uu, namni dubartii ofitti qabee haammatee miirri wayii itti hin dhaga'amne hin jiru; dhuguma nama fayya qabeessa yoo taate, miirri sitti dhaga'amu jira. Garuu miirri akkasii achi hin jiru, xannachoonni miira kana maddisiisan achi hin jiraatan. Namni hunduu xannacha wal fakkaataa qabaata. Hubattanii? Jaala dhugaa, jaalala hin faalamne kan obboleessaa fi obboleettii, jaalala…keessan gararraatti qabdan waliif qabaattu, akkuma intala keessan ishee xiqqoo hammattanitti isaan haammattu. Hubattanii? Intalumti keessan iyyuu… isheen dhalaa dha isin immoo dhiira. Hubadhaa, waan ta'e tokko uumuu danda'a; garuu achitti waa uumuu hin danda'u, cubbuun raawwateera, cubbuun guutummaatti badeera. Hubattanii? Dhugaa…waan dhugaa ti, Jaalala qulqulluu ti.

19 Anis gara dubartittiin ilaale. Namoota wal fakkaatan miliyoonaan lakkaa'amantu achi jiru turan, isaan hunduu rifeensi mataa isaanii dhedheeraa fi uffata adii dhedheeraa lafa ga'u uffatanii jiru turan. Inni natti dubbachaa jiru sun immoo, “Ishee hin yaadattuu naan jedhe?”

An immoo, “Lakki” jedheen deebiseef.

“Yeroo ati gara Kristositti fidde, isheen umurii sagaltamaa keessa turte” naan jedhe.

“Ayyaana ajaa'ibaa ti, attam namatti tola.” Hunattanii? Maal akka ta'e ibsuun karaa kamiin iyyuu hin danda'amu, dinqii dha. Yoon a amantan dubbii koo fudhadhaa. Riqicha biyya hundumaa kan isin boodaan jiru akka gubdan mirkaneeffadhaa.

20 Waldaan Ergicha dhaga'uu jalqaa akka jirtuu fi Ergicha hubachuu jalqabaa akka jirtu nan amana. Garuu, firoota koo dhaggeeffadhaa, Fuula Ilmichaa duratti argamnee bilchaachuu qabna. Amantiin keenya hin bilchaanne. Karaa beektotaa Ergaa Waaqayyo nuuf kenne dhaga'aa jirra, milikkita Inni nutti agarsiisee karaa Macafaa Qulqulluu nuuf mirkaneessaa jirus argaa jirra, inni kun jira, garuu Hafuuraan mi'aa'ee hanga gadiitti hamma dhiquutti waldaan Fuula Isaa dura turuun attam barbaachisaa dha. Yeroo tokko tokko yummuu Ergaan dubbatamutti, dhaggeeffachuu isin jibbiisiisa, kana immoo cabsuutu isin irra jiraata, sababiin isaa ciniinnattanii qabachuu qabdu waan ta'eef. Garuu Waldaan al tokko Isa fudhannaan, warri Fo'aman keesssaa ba'anii adda baanaan, sana booda Waaqayyo achitti in argama, akka namoota warra gaafa Ol Butamuu akka ta'an nan beeka.

21 Ganama kana mata duree Ol Butamuu jedhu irratti dubbachuufan ture, garuu sana gochuuf sagaleen koo ga'aa waan hin taanefan dhiise, kanaafuu yeroo muraasaaf na duukaa bu'aa. Wantin irratti dubbachuu barbaadu mataduree: Iddoo Tokkicha Waaqayyoon Waaqessuuf Qophaa'e, jedhu irratti ta'a.

Egaa, barreeffama baay'ee guddaa ta'e dha. Kanaafis kottaa in kadhannaa. Ganama kana, guutummaa biyyaa keessa kan jirtan, bakka jirtan hundumaatti yeroo muraasaaf mataa keessan gadi qabadhaa. Sagalee Waaqayyoo isa Waaqayyo bifa barreeffaan ta'etti dhi'aachaa waan jirruuf, gadi of deebisaa.

22 Barreessaa Guddicha Macaafa kanaa, “Inni Sanyii namichi sanyii facaasu facaasee dha” jedhee Barreessichi akka barreesse baranneerra. Egaa, sanyiin iddoo sirrii isaaf malutti yoo facaafame akka guddatu in beekna. Kanaafis, yaa Abbaa, ganama kana qoraattii fi baalaanwaraantee, amanuu diduu fi yaada mamuu laphee keenya keessaa baasuun fedhe kee haa ta'u; kanaanis Dubbiin Waaqayyoo laphee keenya keessatti walaba ta'ee bishaan Hafuuraa obaafamuudhaan haa guddatu, kanaanis saba Waaqayyoo akka taanu nu godhi. Yaa Abbaa waan laphee keenyaa nuuf raawwadhu. Nuyi warra kana hubate duwwaadhaaf miti, tarii guutummaa biyyaa keessa, namoonni lapheen isaanii guba jaalalaatiin kaka'anii, obboleessaa fi obboleettii badan gara keetti mo'achuuf yaaluuf jiran waan jiraaniif, isaaniifs raawwadhu. Yaa Waaqayyo, kana har'uma nuuf raawwadhu. Nuyi guutummaatti gara kee ilaalaa jirra, ati qajeelchaa fi Gooftaa keenya waan taateef. Kanaafis har'a gara Dubbii keetti akka nu qajeelchituu fi akka eebba Kee nurratti roobsituuf Si kadhanna. Ayyaana Kee fi Maqaa Kee keessaan Si kadhannaa. Ameen.

23 Amma, mee barreefama keenyaaf kutaa Macaafaa haa fudhannu, Seera Keessa Deebii keessaa dubbisuun barbaada, kutaa Caffataa Kakuu Moofaa keessaatti argama. Ergan Obboleessa keenya Vaayilee wajjin ciree nyaadheen booda, yaadannoo muraasa daddafee barreeffadheen of harkaa qaba.

Namicha sana mana nyaataa sanatti utuun hin galateeffatinan hafe, inni galgala tokko irbaata keenya nuuf kaffale. Ana, haadha manaa koo fi inatala koo ishee xinnoo taanee achi turre, dhuma irratti yeroon kaffaluuf deemu nama ta'etu kaffale naan jedhan. Nama kana godhe galateeffachuun barbaada. “Namicha dhuma teessumaa irra taa'aa ture” naan jedhan. Dhugaadha, guutummaan garee warra dhuma teessumaa irra taa'aa turanii hunduu namoota nuyi beeknu dha. Egaa iddoon mana nayaataa nuyi turree sun maqaan isaa waan akka Kikaapuu jedhamu wayii ti. Eenyuunuu haa ta'uu, namni kana goote galatoomi. Tokkoo tokkoon keessan, Waaqayyo isin haa eebbisu.

24 Egaa, Seera Keessa Deebii boqonnaa 16ffaan waa'ee ayyaana Faasikaa ti. Kanaafis jalqabaa kaanee lakkoofsota arfan tokko, yookiin shanan, ja'an tokko dubbisuu barbaanna.

Ati ji'a Abiin (kana jechuun ji'a Eblaa ti) yaadadhu! Waaqayyo Gooftaan kee ji'a Abiibitti halkaniin biyya Gibxii keessaa waan si baaseef ayyaana Faasikaa Waaqayyo Gooftaa keetiif ayyaanessi!

Iddoo Waaqayyo maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti, ati bushaayee keessaa yookiis saawwan keessaa aarsaa Faasikaa Waaqayyo Gooftaa keetiif dhi'eessi!

Isaan buddeena bukaa'aa wajjin hin nyaatin! Ati ariitiidhaan biyya Gibxii keessaa waan baateef, guutummaa bara jireenya keettis guyyaa itti biyya Gibxii keessaa baate sana akka yaadattuuf guyyaa torba maxinoo wajjin nyaadhu! Innis buddeena rakkinaa ti.

Guyyoota torban sana raacitiin tokko illee guutummaa biyya keetii keessatti hin argamin! Foon ati

guyyaa duraa galgala aarsaa dhi'eessite irraas guutummaa halkan sanaa irraa hafee hamma ganamaatti hin turin!

Aarsaa Faasikaa, mandaroota Waaqayyo Gooftaan kee siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin!

Iddoo Waaqayyo Gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti garuu, aarsaa Faasikaa sana, galgala yeroo aduun lixxu, yeroo itti biyya Gibxii baatetti dhi'eessi!

25 Amma guddistuun sagalee isinitti iyyaa jiraa? Yeroo darbe galgala isin jeequu isaa dhaga'een ture. Gama sanaa sirriitti in dhageessuu? Dhaga'uu hin dandeessan. [Obboleessi keenya Branhaam guddistuu sagalee sirreesse.] Amma wayyaa? Guddistuu sagalee akkasitti gadi qabanii dubbachuu wayyaa? An xiqqoo sagaleen koo waan duudee jiruuf jedheen ofitti butee dhaabachaa jira ganama kana, Obbolessi keenya Piiriin gara alaatti gadi in buta jedheen abdadha. Amma sirriitti Dhaga'uu in dandeessuu? Sirriitti sirreessaniiru jedheen yaada. Tole egaa.

26 Egaa, iddoon…Wantin ganama kana dubbachuu barbaadu, Waaqayyo warra isa waaqessan arguuf iddoo tokko duwwaa qabaachuu isaa ti, iddoo tokko duwwaa. Baroota hundumaa keessatti baay'een isaanii iddoo Waaqayyoo isa dhoksaa kana barbaadaa turan. Iyoob iyyuu iddoo Inni jiraatu baruu barbaadeera, inni, “Maal ta'a utuun mana isaa beekee dhaqee itti rurrukutee” jedhe. Iyoob iddoo Waaqayyo buufatu baruu barbaade, sababiin isaa achitti maatiin Waaqayyoo Isa waaqeffatu waan ta'eef.

Akkuma kaleessaa, akkuma ergaa kaleessa ganamaa irraa hubannetti, namni yaada gadi of deebisuu keessa ta'ee waaqeffataa, garuu akkasumaan waaqessuu danda'uu isaa ilaallee turre. Waaqayyo wantoota kanneen hundumaa nuuf jedhee uume, garuu eessa akka isaan jiran barbaaduun nurraa eegama. Dibbicha lallabi, kun yeroodha, kun yeroo miti utuu hin jedhin qophaa'ii argami jedhee Phaawulos Ximotewositti himaa ture.

27 Egaa amma, wantoonni kanneen hunduu achi keessa jiru. Wanti ilaaluuf jirru… Yeroo tokko tokko utuu as Shireveportiin dhufnee torban lama yookiin torban sadii fudhannee galgala hundumaa daqiiqaa soddomaaf barannee, utuu kallatiidhumaan Sagalicha keessa jiraannee, kutaa Macaafaa dhoksaa ta'an irratti duddubbachaa, attamitti akka gadi fageenyaan hubachuu dandeenyu utuu goonee nan jaalladha. Akeekkadhaa, kallattii Waaqayyoo duukaa bu'aa, tokkoo tokkoon balbalaatiif furtuu tokko duwwaatu jira. Kun sirrii dha. Furtuu kan biraan hin jiru, hamma isa haa fakkaatu iyyuu malee, Waaqayyo furtuu furtuu hundumaa banu (skeleton key) hin qabu; furtuu tokko duwwaa qaba. Egaa amma, furtuu sana qabaachuu qabdu, kanaa achii balballi isiniif hin banamu. Furtuu sana yoo qabaattan malee, hamma nama gadi of deebisee jiraatu yoo taatan iyyuu balbalichi isiniif hin banamu.

28 Namoota meeqatu ciree kaleessa ganamaa irratti aragame, ganama dheengaddaa irratti hoo? Tole egaa, harka caalutu argame jedheen yaada, yoo xinnaate dhibbeentaan sagaltamni keessan, yookiin isaa ol argamtaniittu. Duuba deebi'een isin yaadachiisa, Daawit mootii dabame ture (Waaqayyotu isa dibe), Gooftaa Yesus (isa Waaqayyo ta'e) Isa Dibame isa ta'een ala, mootii guddaa isaan gitu Israa'el hin arganne. Akkataa hidda dhaloota fooniitti, Yesus ilma Daawit. Akkuma namni abbaa isaa dhaalu, akkuma yeroo hundaa ilmi mootii teessoo abbaa isaa dhaalu, Innis teessoo Daawit irra taa'uuf jira.

Hubadhaa, amma, Daawit nama dibame dha, garuu dibatu dibame sanaan, dibatuma sanaa wajjin utuu jiruu fedha Gooftaa irraa kaate; namoonni hunduu, dubbii Macaafaa irra yookiis furuu gara mul'ata kanaatti hin adeemsifne malee, hundumti isaanii akkasuma dibamaniiru, hundumti isaanii walii wajjin iyyanii waan wanta dhugaa fakkaatuuf Waaqayyoon galateeffataa turan, innis: Dubbii Waaqayyoo gara mana Waaqayyootti fiduuf ture. Garuu Daawit mootii dha malee, raajii miti. Hubattanii? Inni…Sana gochuuf raajiin biyya sana keessa jira, sababii isaan furtuu sirrii hin fayyadaminiif Waaqayyo guutummaa sochii sanaa ulfina dhowwate. Balbalichi hin banamne. Egaa isa kana yaadannee sammuutti qabachuu qabna. Wanti kan Waaqayyoo ta'e hunduu, karaa ta'e tokkoon raawwachuun dirqama, isa kanatu gab isa godha. Egaa Waaqayyo Waldaa keessatti namoota aru tokko duwwaa qaba, Inni Waldaa sana keessatti malee waldaa kan biraa keessatti isin hin simatu.

29 Sababiin kana jedheefis yeroo baay'ee namoonni hubannoo dhabuu isaaniitiin deebii garaa garaa naaf kennuudhaan…

“Ati Kristaanaa?” jedheen gaafadha.

“Ani Baaptistii dha” naan jedhu.

“Ati Kristaanaa?”

“Ani Pheexeqoostee dha.”

Egaa hubadhaa, inni kun Waaqayyo biratti waan tokko iyyuu miti. Furtii sirrii hin ta'iiin banuuf yaalaa jirtu. Garuu furtuu tokko duwwaatu jira, iddoon Waaqayyo…tokkotu jira. Waaqayyo gara Metedistiitti,

yookiin gara Baaptistiitti, yookiin gara Pheenxeqoostaaliitti, yookiis gara damee mantii tokkotti iyyuu isin simachuuf isin hin abadachiifne. Inni gara damee mantii hin mil'atu iyyuu, isaan warra Isaan mormani dha.

Ergaa dheeraa sana irratti, yeroo dhi'ootti mana sagadaatti nan kenna. Obboleessi keenya Jaak Isa in dhaggeeffata, sana booda maal gochuu akka qabdan in hubattu, sababiin isaa Inni bifa teeppiitiin in waraabama.

30 Namoonni akka waan Waaqayyo diqamaa bu'uura tiyooloojii isaanii irratti hundaa'ee isaan simatuutti deddeebi'u. Amma egaa namoonni akka sana godhatu. Walii walii isaanii wajjin illee tokkummaa hin qabaatan. Warri Sillaasee (Trinity) yookiis warri Pheenxeqoostaalii warra Tokkummaa wajjin, warri Tokkummaas warra Sillaasee wajjin quba wal hin qaban. Warrai Metedistii warra Baaptistii wajjin hin ta'an, sababiin isaa inni tokko leegaalistii (Legalist), inni kaan immoo Kaalviinistii (Calvinist) waan ta'eef, kanaafis guutumaan guutuuttu tokkummaa waliin hin qaban. Isaan sammuu namootaatti waan gadhee afarsuudhaan hamma walii walii isaanii jibaniitti geessisan.

31 Guyyaa tokki hospitaalattin kadhachuu dhaqe. Dubartii baay'ee dhukkubsatte tokkotu ciiftee turte, isheen wal'aansa baqaqsanii hodhuutiin yaalamtee, du'aaf eegamaa jirti turte. Dubartiin kan biraan achi ciiftee jirti (isheedhaafa akkan kadhadhuufan waamame), “Yeroo xiqqoodhaaf yoon kadhadhe sitti in tolaa?” jedheen gaafadhe.

Isheen immoo, “Golgaa sana gadi harkisi!” naan jette.

An immoo, “Dhiifama, kadhannaa kadhachuufan ture” jedheen deebiseef.

Isheen, “Golgaa sana gadi harkisi!”

An immoo, “Tole haadha koo” jedheen deebiseef. Ishee fi ilmi ishee achi taa'anii turan, isheen waanuma Riikii (Ricky) xinnoo fakkaattu wayii ti. “Tole gaarii dha, isin Kristaana mitii?” jedheen gaafadhe.

Isheen, “Nuyi Metedistii dha” naan jette.

An immoo, “Gaarii dha, an isa sin gaafanne, ati 'Kritaanaa' jedheen si gaafadhe” jedheen deebiseef. Huabattanii?

Isheen akkuma duraa, “Golgaa sana gadi harkisi!” naan jette.

Hubadhaa, sababiin isaa nama Metedistii hin ta'intu dubartii du'aa jirtuuf, isheenis du'aa jirtii, akka kadhatuuf afeerameefi. Sababii dhaabbata ishee wajjin tokkummaa hin qabneef, isheen gurra isheetiin iyyuu dhaga'uu hin barbaanne, yookiis waan tokko iyyuu gochuu hin barbaanne. Kun Fariisii miti taanaan, an takkaa hin argine jechuu dha!

32 Hamma Daandii Bifichaa mata duree jedhu dhageessanitti obsaan eegaa. Huhhuu. Tole egaa. Amma egaa akka yaada isaaniitti dameen amantii isaanii damee tokkicha Waaqayyo biratti galmaa'e dha: “Ati Metedistii yoo taate malee Waaqayyo si hin dhaga'u, yookiis Baaptistii, yookiis Sillaasee, yookiis Tokkuummaa yoo taate malee,” yookiis waan kana fakkatu jedhu. Kun soba!

Kaayyoon koo isa sana; garuu fedhiin akkasii yaada namootaa fi laphee namootaa keessatti sirrii ta'e… Dubatittiin sababa…tiif, yookiis nama kan biraatiif kana goote jedhee an hin amanu. Namni Metedistii tokko utuu Metedistiin sirrii akka hin taane beekee, Metedistiidhaaf ka'ee hin dhaabatu. Namichi inni sirrii dha jedhee yaada. Warri Sillaasee warra Tokkummaa, yookiis warri Tokkummaa warra Sillaasee fi warra Pheenxeqoostaaliitti in faradu jedhee hin yaadu, sababiin isaa, warra kaan irraa adda ta'uu isaaniitii, ani sirrii dha jedhanii yaadu waan ta'eef. Yaada isaa kabajuufii qabdu. Beektuu, uffanni halkanii gara lamaaniinuu in diriirfata. Garuu yaadadhaa, kana hundumaa keessatti, wanti ta'e tokko laphee dhiiraa yookiin laphee dubartii keessa jiraatee, yoo isaan wanti sun “Sirrii dha” jedhanii amanu ta'e, wanti sun sirrii ta'uun isaa iddoo ta'e tokko jiraachuu qaba. Akkuman yeroo hedduu dubbadhu, “Gadi fagoon yeroo gadi fagoo waamutti, waamicha sanaaf deebii kenuuf gadi fagoon jiraachuu qaba.”

33 Beektuu, yeroo ta'e tokko Siiliin (Seal) miillaan qarqara galanaa deemaa ture jedhamee nuttu himamaa ture. Amma garuu miilla hin qabu, miillonni isaa gara koochootti jijjiiraman sababiin isaa…akka danda'uufi, haalli uumamaa iddoo miillaa koochoo isaaf kenne, sababiin isaa deemuu irra bishaan daakuu akka danda'uufi.

Namicha jabaa fiixee poolii kibbaa deeme sana yaadachuun dadhabe. Maqaan isaa eenyu turee? Baayird. Aannan irraa argachuuf jecha looniif kootii hodhisiisee fuudhee deema jedhan. Loon akka kottollaa'anii hin duuneef kootii rifeensa irraa hojjetame itti uwwisee fuudhee deeme. Yeroo inni achi ga'etti garuu loon kootii rifeensawaa sana hin barbaachifne, haalli uumamaa rifeensa isaanitti biqilche. Hubattanii? Maaliif? Utuu qurxummiin babattee dugda ishee irraa hin qabaatin dura bishaanni inni ittiin daaku jiraachuu qaba, bishaanni hin jiru taanaan qurxummiin raawwatee babattee hin qabaatu ture. Mukti lafa irratti marguuf, duraan dursee lafti jiraachuu qaba, utuu kana hin taanee silaa mukti hin jiru ture.

Kanaafuu, hubadhaa, hamma wanti ta'e tokko laphee namaa keessaa waan ta'e tokko waamaa jiraatetti, wanti ta'e tokko waamicha kana deebisuuf ala sana jiraachuu qaba, waamicha sana quubsuu dhaaf wanti ta'e tokko ala sana jiraachuu qaba.

34 Dubartiin tokko…Dhi'eenya kana dubartiin sun maalin akka duute qirannoon taasifamee ture. Akka qorannochaatti, yeroo hundumaa utuu wal irraa hin kutin qullubbii adii nyaachuutu ishee ajjeese jedhanii ifoomsan. Isheen qullubbii hin nyaattu taanaan mataa ishee nyaata ture; homaa furmaata gochuufii hin dandeenye. Kanaafis ka;umsa dhibee kanaa baruudhaaf qorannoo geggeessaniin dubartittii keessatti gosa seelii ijaarame wayii argatan; maqaa seelichaa isaan in beeku. Seelii guddate sana fuudhanii saanii qullubbii qabu keessa gaafa kaa'an, halkan tokko keessatti qullubbii burkuteessee bule. Hubattanii? Inni maal ture? Inni wanta dubartittii keessaa qullubbii waamaa ture dha, egaa utuu qullubbiin hin jiru ta'ee seeliin guddatu sunis hin uumamu ture.

Karaa biraatiin, uumamni jiraachuun dura, jalqaba Uumaan jiraachuu qaba jechuu dha. Hubattanii?

35 Egaa amma, yoo laphee namaa keessa dheebuun jiraatee, kan akka Metedistii, Baaptistii, Presbaayiteriyaanii, Kaatolikii fi kanneen biroon hunduu, karaa dhugaa tokko barbaaduuf yaalii gochuu jalqabanitti luboonnii fi paasteroonni isaanii, “Karaa dhugaan isa kana” isaaniin jedhu. Isaan, “Waldaa Kaatolikiin ala fayyinni hin jiru” jedheera lubni keenya namaan jedhu.

Gaarii dha, tokkoo tokkoon waldaa yaada mataa mataa isaanii fudhatu. Kaan isaanii dubbiidhaan isa kana hin fudhatan, garuu gochaa isaaniitiin immoo isaan irraa mul'ata. Hojiin kee dubbii afaan keetii caalaatti guddisee dubbata. Karaa biraatiin, isaan warra Kaatolikii caalaatti fakkeessituu (hypocrite) dha. Warri Kaatolikii, “Inni tokkichi isa kana jedheen amana” jedhanii baasnii dubbatu, garuu isaan kana hin godhan. Isaan isa in dhoksu, garuu hojiin isaanii waan isaan yaadaa jiran dhugoomsa. Hubattanii?

36 Egaa amma, iddoon tokko jiraachuu qaba, sababiin isaa fedhiin Isa barbaaduu laphee namootaa keessa jira waan ta'eef. Dubbiin Sagalee Waaqayyoo waan nu barbaachisu hundumaaf deebii dha jedheen yaada. Mee deebii Waaqayyo qabu Caaffata Qulqulla'aa keessaa haa barbaanu. Iddoo tokkicha sana, lafa tokkicha sana (akkas yoo ta'es, damee amantii tokkicha sana), karaa tokkicha Waaqayyo ittiin namatti mul'atu sana yoo Waaqayyo Caffata Qulqulla'aadhaan nutti agarsiise, nuyi immoo isatti qabamnee in jiraanna, sababiin isaa, Dhugaa Macaafa Qulqulluu, waan Inni jedhu arganneerra waan ta'eef.

37 Jechi 'Deuteronomy' jedhu, Seerri Keessa Deebii, hiikkaan isaa “seerota lama” jedhuu dha. Waaqayyo seerota lama qaba. Seeronni lamaanis: Seerri inni tokko Sagalichaaaf abboomamuu didanii du'uu yoo ta'u, seerri inni lammataa immoo Sagalichaaf abboomamnii jiraachuu dha. Isaan kun seera lamaan yummuu ta'an, Seera Keessa Deebii, yookiin 'Deuteronomy' jechuun seerota lamaan kana jechuu dha. Lamaan isaanii dhugaadhumatti Caaffata keessatti agarsiifamanii jiru. Inni tokko du'a, inni kaan immoo Jireenya; Jireenyaa fi du'a. Waaqayyo Jireenya keessa duwwaatti hojjeta, Seexanni immoo du'a keessa duwwaatti hojjeta. Isaan kun biyya lafaatti fuula nama hundumaa duratti, akka iji nama hundumaa arguu danda'utti mul'ifamaniiru, kaniifis dhiifamni nuuf godhamu hin jiru. Inni tokko yeroo seerri kenname Tulluu Siinaa irratti agarsiifame, innis guutummaa dhala namaa du'aan adabe; inni kan biraan immoo Tulluu Qaraaniyoo irratti kenname, inni kun immoo guutummaa dhala namaa gara Jireenyaatti fide, kunis yeroo gatiin adabbii dhala namaa Yesus Kristosiin kaffalametti. Seeronni lamaan Seera Keessa Deebii, 'Deuteronomy', wantoota gurguddoo kana lamaaniin raawwatame.

38 Amma akka hubattanin barbaada, akkuma kana kakuun kennames lama ture. Kakuun inni tokko Addaamitti kan kenname ture, innis haala irratti kan hundaa'e ture, akka seeraa ti: “Kanatti hin buutu yoo ta'e, in jiraatta; kanatti yoo buute garuu, in duuta” kan jedhu ture. Innis seera ture. Sana booda seera kan biraatu Abrahaamiif kenname, inni kun haala irratti utuu hin hundaa'in, ayyaanaan kenname: “An siif sanyii sirraa dhalatan oolcheera (saved).” Ameen! Qaraaniyoon fakkeenya kakuu Addaam utuu hin ta'in, fakkeenya kakuu Abrahaamii ti.

Garuu amma iddoon itti namni Isa argee sagaduuf iddoo tokko duwwaa dha jedhee utuu Inni dubbatuu dhageenyeerra. Isa kana amma reefuu barreeffama keessaa dubbifneerra. Daqiiqaa muraasa booda, kuticha deebinee in dubbifna.

39 Erga iddoon Waaqayyo itti nama quunnamu tokkicha ta'ee, utuu baay'isnee of eeggannee nuuf wayya. Mee amma ganama kana Barumsa Mucoolii kana keessatti aadaa barsiifataa keenya moggaatti dhiifnee, iddoo tokkicha sana argachuuf haa dhamaanu. Sababiin isaa, Waaqayyo as irratti akkuma dubbate, iddoo kan biraa kamitti illee isin hin simatu. Waldaa kan biraa kam keessatti illee Inni isin hin simatu. Iddoon tokkichi Inni itti isin simatu Waldaa Isaa keessatti.

Amma, “Obboleessaa Branhaam, an yoo nama qulqullummaatti jiraatu ta'e hoo?” Lakki.

Yaadadhaa, Yesus qulqullummaatti jiraatan tokkotti dubbate, isaan waaqessitoota bara Isaa keessa turani dha, Inni, “Isin akkasumaan na waaqessitu” isaaniin jedhe. Isaan amanamummaadhaan, dhugaatti keessa laphee isaanii irraa waaqessu turan. “Ana waaqessuun keessan akkasumaan, abboommii namaa

akka seera Waaqayyootti barsiiftu," yookiis seera damee amantii (denominational creed) akka seera Waaqayyootti barsiiftu isaaniin jedhe. Isaan namoota qulqulluu (sincere), akka seera amantiitti of qabanii warra jiraatan turan. Kun immoo waan haaraa Fariisota irratti argame miti. Qaayinii fi Abeel, waaqeffattoonni lamaan yeroo jalqabaatiif karaa uumamaa nama irraa dhalatanis, ilaalchu kana fakkaatu keessa darban.

40 Qaayin akkuma Abeel nama amantii ture. Lamaan isaanii iddoo aarsaa ijaaraniiru. Lamaan isaanii Waaqayyoon in jaallatu turan. Lamaan isaanii aarsaa dhi'eessaniiru. Lamaan isaanii waaqeffataniiru. Lamaan isaanii kurnoo kaffalaniiru. Isaan lachuu waanuma wal fakkaatu godhan. Abeel garuu amantiidhaan, kana jechuunis "mul'ataan," Dubbii Waaqayyoo isatti mul'ate, lafa diriiraa ta'ee isatti mul'atee, aarsaan isaas fudhatama argate. Ulfaadhu! Qaayin kennaa dhi'eesse, Waaqayyi garuu isa hin simanne. Waaqayyo waaqeffamuu barbaade, Qaayin immoo kennaa dhi'eesse, Waaqayyo garuu isa hin kennicha hin fudhanne. Adeemsa karaa sirriitiin garuu…

Ati, "Bayeessa, waldaan koo Isa…koo…" jetta.

Xiqqoo turi mee. Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa kan hiiku akkataa termoota (terms) Ofii Isaatii itti dubateen hiika. Hubadhaa, Qaayin, "An nama amantii qabu dha. An nama Uumaa isaa jaallatu dha. An iddoo aarsaa bareedaa kanan Siif ijaara ijaare. Aarsaa kanan Siif dhi'eessa. Yaa Gooftaa, wantoota kana hundumaa sababan Si jaalldhuufan ijaare" jedhe. Abeelis waanuma kana jedhe. Amma egaa kan abbaa ragaadhaan deegaramee mirakaneeffamee ti. Waaqayyo gadi bu'ee aarsaa Abeel dhi'eesse simate, sababiin isaa, inni mul'ataan daandii dhugaa Waaqayyo ittiin simachuu danda'u cabsee bira waan ga'eef.

41 Amma egaa hafuuri Qaayin baroota hundumaa keessa darbee hanga bara amma keessa jiraachaa jirruutti dhufuu isaa Caaffata Qulqullu'aa keessaa ilaalaa. Jabina qabaa? Eeyyee akkuma isa kaanii jabina kan qabu dha.

Mee raajii Bala'aamii fi raajii Musee fudhaa ilaalaa. Lamaan isaanii iddoo aarsaa torba ijaaran, lamaan isaanii Yaahweef iddoo aarsaa ijaaran, lamaan isaanii dhiiga buusan; kana duwwaa miti, lamaan isaanii tuntunoo qopheessan. Gama lakkoofsaatiin yoo illee, dhugaadhumatti torba, "guutuu" dha, tuntunoo torba. Iddoon aarsaa lachuu sirriitti kan wal fakkaatan turan. Inni kaanis bu'uurama isa tokkootiin kan ijaarame dha. Garuu Waaqayyo kara isa kan eenyuu ilaale? Hubattanii? Hubattanii? Kan isa Dubbii Sagalee Isaa keessa jiruu ilaale. Bu'uura irraa ka'anii hojjechuun hagas mara gatii hin qabu; mul'ataa Waaqayyootiin hojjechuu dha malee.

42 Amma yaadaa mee! Namoota kanneen (Fariisota) Yesus isaan waamee, "Akkasumaan Na waaqessitu" isaaniin jechuudhaan haala keessa maaliif isaan galche? Isa in waaqessu: waaqeffannaa dhugaa, dhugaatti garaa isaanii irraa bu'anii Isa waaqessu. "Isin akkasumaan na waaqessitu." Maaliif? "Seera muka abbaa keessanii isa walitti dabarsitan barsiisuudhaan Dubbii Waaqayyoo namoota biratti fudhatama dhabsiiftu."

Utuun ergaa Metedidtii barsiisee isin irratti jijjiirama fidu hin qabu, yeroon kun yeroo Misirroo ti. Museen utuu ergaa Nohi barsiiseera ta'ee dhiibbaa uumu hin qabu ture. Yesus utuu ergaa Musee barsiiseera ta'ee jijjiirama fidu hin qabu ture. sababiin isaa, sanyiwwan durumaan yaada Waaqayyootiin qabamanii achitti facaafamanii jiran gosa bishaan isa sanyichaaf kennamee obaafamuu qabu waan ta'eefi. Hubattanii? Inni haala kan biraa kamuu hin guddisu. Dirqama kan isa guddiu haala inni keessa jiru dha.

43 Hanqaaquun indaaqqoo diraqama indaaqoo jala taa'uu qaba, garuu Inkubeeterii keessa yoo keessanis akkumsaatti wucoo in yaasa. Allaattii jala kaa'aa, inuma wucoon inuma yaati. Haalli akka wucoon yaatu godhu ho'a. Kanaafuu haala mijataa sana keessa kaa'amuu qaba. Killee gaarii isaa fuutanii lukkuu duute jala kaa'uu dandeessu, garuu wucoo ta'ee hin ba'u. Hubattanii? Hubadhaa, haala irratti hundaa'a.

Ba'eessa egaa, akkaatan bara amma keessa jiraachaa jirruus akkasuma, karaa Waaqayyo bara kanaaf ittiin hojjechaa jiru barbaaddachuu qabdu. Innis immoo waan Maartiin Luuter argate, waan Joon Wesliin argate, waan warri Pheenxeqoostaalii bara isaanii keessa argatani dha. Waaqayyo baraa fi yeroo itti hojjetu qaba.

44 Egaa, warra Pheenxeqoostaalii haa ilaallu. Obboleessi sun, tokko… Nan amana iji isaa tokko keessaa baafame, obboleessi bifa gurraachaa sun dhugaatti nama ergaa Pheenxeqoostee Kaalifoorniyaa, iddoo Asuuzaa Istriit duriitti jalqabe dha. Nama itti kolfamu ture, sababiin isaa nama gurraacha (negro) waan ta'eef. Nama kolfaa itti qoosan ta'e, garuu ergaa bara sanaa isatu fide. Gurbaa xinnoo tokko, nama maqaa isaatiin illee mallatteessuu hin dandeenye, Waaqayyo immoo iddootti deebu'uu kennawwaan kanneenii isatti mul'ise, kennawwan sunis in dhufan. Waan fedha iyyuu haa jedhan malee, inni in dhufe. Garuu namni hunduu haala qilleensa sanaa keessa galee, bar asana keessa ta'uu isaa in arge, Waaqayyo namoota afaan haaraa dubbatanii fi waan garaa garaa godhan mul'inatti mirkaneessee isaanitti mul'ise. Garuu yeroo inni gadi waraanee "ragaan isa kana duwwaadha" jedhetti, jechi kun isa ajjeese. Hubattanii? Hubadhaa, haaluma kanaan itti fufe. Sanatu isa ajjeese. Sana booda kana, sana jedhanii addaan

babasuudhaan damee amantii hundeessan; warri kaan duumeessa badan, warri kaan immoo daggala keessa badan. Oo, yaa anaa, achumaan sokkan.

45 Wanti dameen amantii godhu kana. Hubattanii? Waaqayyo hundeessaa damee amantii miti, sababiin isaa dameen amantii (denomination)n Baabiloni dha, Inni madda waliin dha'umsaa (confusion) miti. Ishee waan hundumaan…in argina. Kana hubachuuf nama barate ta'uun iyyuu isin irraa hin eegamu. Inni Baabiloon dha! Hubattanii? Seera muka abbootaa (Traditon)tti warra qabamanii jiraatan (yaadaa mee), isaan namoota qulqulluu garaa keessaa waa hin qabne (sincere) dha. Amma egaa, amma iyyuu, sababa isaan sanatti amananiif, amma iyyuu iddoo qulqulluun Waaqayyo itti argamu jiraachuu barbaachisa.

Amma mee lakkoofsa 2 qalbeeffadhaa, “Iddoo Ani fo'adhutti Na waaqessaa.” Aarsaan sun, eeyyee, iddoo aarsaa dhi'eessanitti waaqeffatu. “Iddoo Ani fo'adhutti; waan isin fo'attan miti, waan namni filatu miti. Waan An fo'adhu malee, iddoon fo'adhu sanatti Na waaqessaa.” Kun kan agarsiisu, iddoo tokkichi duwwaan jiraachuu isaa ti, kanneen biroon akkasumaani. Waan filannoo keessanii ta'uu hin qabu, filannoo Isaa ta'uu qaba malee.

“Ba'eessa, wadaa dhaquun narra hin jiraatu.” Yookiin, “Ati nama baay'ee sammuun dhiphaa dha! Maaliif jennaan, waa'ee lallabuu dubarootaa in aarta, waa'ee rifeensa mataa gaggabaabsachuu dubartootaa, waa'ee waan dhiirotaan wal qabataniif miira keessa galtee dubbatta. Maaliif jennaan, ati nama baay'ee sammuu dhiphaa dha!”

46 Tole egaa, waa'ee kanaatii Dubbii Sagalee Waaqayyoo fudhachuu iyyuu isin hin barbaachisu, callisaatii bakkee iddoo isaan itti isa godhan dhaqaa. Hubattanii? Sana booda Caaffata Qulqulla'aa keessa jiraachuu isaa in argattu, innis, “Isaan akkasumaan Ana waaqessu” isa jedhu dha. Yesus waanuma tokkicha (same) dubbate. Hubattanii?

Innis sirna tuqaalee xinnoo tokko (jot), hunduma isaatiif amanamaa ta'uu qabdu. Yeroo hundumaa waangoo xinnootu, wayinii faala. Yeroo tokko tokko…in dhiiftu. Waan guddaa isin hojjettan miti, wanta xinnoo isin utuu hin godhin dhiiftantu ilaalama. Yaadadhaa, fuuncaan jabina ol aanaa kan qabaatu iddoo laafina ol aanaadhaan wal qabsiifametti. Warri abboommii Waaqayyoo hundumaa eegan haa gammadan! Isaan karra sanaan mandarichatti ol in galu.“ Waan Waaqayyo jedhe hundumaa godhaa, Inni dubartootan rifeensa mataa dheeraa qabaadhaa jedhe.

Isin…in jettu. Namichi tokko dhi'eenya kana natti himee ture, inni, “Ani an amantii uffata wal qabate hin lallabu” naan jedhe.

An immoo, “Yoos ati Wangeela lallabaa hin jirtu”n jedheen. Eeyyee.

Waaqayyo lafa kaa'eera, Inni wanta godhamuu qabu dubbateera. Yookiin gochuu qabdu, yookiin… Kun waan uumamaati, waan sababa qabu dha. Wantti xinnoo taate tokko…wanta…waan baay'ee murteessuu taate dha. Yesus, “Warri waan xixinnoo fudhatan, waan xixinnoo godhan haa gammadan” jedhe. Dubartiin rifeensa mataa ishee akka guddatu gochuu…maaliif jennaan, kun waan isheen gochuu dandeessu dha, garuu isheen kana gochuu iyyuu barbaaddu. Ishaan isa guddifachuu iyyuu hin feetu.

“Oo, waan gurguddaa nu barsiisi.”

Waan salphaa, waan baratamaa ta'e iyyuu gochuu hin barbaaddu'oo attamitti wantoota gurguddoo barsiifta? Sababiin isaa, hubadhu, kaayyoo fi akeekni deemsa keetii qajeelaa miti.

47 “Yaa Gooftaa, waan Ati akkan hojjedhu barbaaddu irraa an dhimma hin qabu, an waan Ati jettu hundumaa gochuun barbaada” yoo jette, kun jaalala at Waaqayyoof qabdu dha. Yoos egaa iddoo tokkitti gala jirta, akka sanatti hin gootu yoo ta'e garuu, karaa Inni jedheen hin gootu yoo ta'e garuu…

Inni iddoo filannoo Isaa ti, “Iddoo Ani fo'adhetti.” Egaa iddoon isin aarsaa keessan dhi'eessitanii Isa itti waaqessitan achi.

Isin…kaa'aa. Qaayin aarsaa isaa fidee dhufe, Abeelis akksuma, inni iddoo maalii irra akka keessan irratti hundaa'a. Yoo iddoo Inni fo'ate isa keessu ta'e, inni waan gaarii ta'a, Inni isa in fudhata; kana hin ta'u taanaan, Inni isa hin fudhatu. Aarsaa wal fakkaataa (same) ta'uu qabaachuu isaatti dhimma hin qabaatinaa, iddoo tokkicha sanatti hin dhi'eeffamu taanaan, maal iyyuu haa ta'uu, inni amma iyyuu balfamaa dha.

Amma egaa iddoon aarsaa kana itti dhi'eessuu qabnu eessa akka ta'e barbaannee baruu qabna. Nuyi…barbaannee argachuu dandeenya. Hundumti keenya gara Bantii Waaqaa (Heaven) deemuu in barbaanna. Hin barbaannuu? Hundumti keenya waan qajeelaa akka hin godhin in beekna. Yesus Aarsaa akka ta'e hundi keenya in amanna. Egaa amma iddoo fudhatma qabu, iddoo itti Isa dhi'eessinu baruu barbaanna. Hubattanii? Kun sirrii dha. Hubadhaa, Macaafni Qulqulluun iddoo itti isa dhi'eessinuu fi iddoo itti inni nuuf simatamu nutti hima; iddoo sanaan alatti, inni nuuf hin fudhatamu.

48 Mee bakka aarsaan sun akka kaa'amuuf Inni fo'ates, bakka aarsaan akka kaa'amuuf Inni fo'ates haa

qalbeeffannu. Mandaroota siif kennaman kam keessatti iyyuu hin dhi'eessin; iddoo Waaqayyo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti garuu, aarsaa faasikaa dhi'eessi. Inni waan Inni addanatti dubbatu dha. Inni Maqaa Isaa isa keessa kaa'uuf fo'ate. Egaa amma iddoo kana Caaffatoota keessaa haa qorannu, iddochi iddoo Inni Maqaan Isaa akka itti waamamu godhe waan ta'eef.

Mee barraaffamicha irraa haa dubbifnu. Yaadannoo xinnoo wayii, waaan ganama kana gara koo dhufe barreesseen of duraa qaba. Mee boqonnaa kana keessaa lakkoofsa 2ffaa haa fudhannu. Egaa, namoonni sarara shibootiin waan nu hoordofaa jiraniif, yeroo dheeraa isinitti fudhachuu hin barbaadu. Egaa amma boqonnaa 16ffaa lakkoofsa 2ffaa haa ilaallu:

Iddoo Waaqayyo maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti, ati bushaayee keessaa yookiis saawwan keessaa aarsaa Faasikaa Waaqayyo Gooftaa keetiif dhi'eessi!

49 Amma, qulqullummaa garaa keessanii, cubbuu himattan hundumaa iddoo aarsaa Metedidtiitti, iddoo aarsaa Baaptistiitti, iddoo aarsaa warra Phenxeqoostaaliitti geeffachuu hin dandeessan, garuu iddoo ta'e tokko iddoon aarsaa kan Inni fo'atee, Maqaa Isaa keessa kaa'e jira, Inni egaa iddoo sanatti isin arga. Egaa waan hundumaa sirriitti adeemsisuuf jettu yoo ta'e, inni adeemsifamuuf jira; wanti hunduu tooraan kaa'ama. Shiboon sun hanqina qaba utuu ta'ee, ifti sun hin dhufu ture; sababiin isaa lafa keessa awwaalamaa ture waan ta'eef. Sagalee Waaqayyoo keessaa tokko fudhattanii, yookiins iddoo Isaa keessaa tokko fudhattanii, garaa keessan keessatti kaayyoo ofittummaa yoo qabaattan, inni humna Waaqayyoo achumatti awwaala. Sababa nama gaarii ta'uu barbaaddaniif gootu yoo ta'e, nama kan biraa irraa adda ta'uuf, yookiin waan biraaf gootu yoo ta'e, inni achumatti awwaalameera, inni fiyuuzii gubee in xaaxessa. Karaa sirriirra hin jirtan. Yaada garaa cabaadhaan, garaa keessan guutuudhaan dhufuu qabdu. Kaayoo fi akeeka keessan sirriitti Waaqayyo irra kaa'aa. Sana booda iddoo Isaa barbaaddadhaa, iddoo Inni jedhe barbaadaatii achitti isa fidaa. Hubattanii?

50 Maariyaamii fi Maartaa ilaalaa mee. Yesus Wangeela kana (Ifa bara Isaa keessaa, Masihii ta'uu Isaa) isaan barasiisee deebi'ee booda in jibbame, kophaatti baafame. Oo, Fariisonnii fi waldaan Isa tuffatan. Alaazaar garuu in du'e, obboleessi Isatti aanu, michuun Isaa in du'e. Inni achumatti isa dhiise; isaan Isa waamsifnaan dhufuu iyyuu in dide.

Maartaa garuu, ilaalcha isheen qabdu qalbeeffadhaa. Isheen Yesusiin, “Gooftaa utuu Ati as jiraattee, obboleessi koo hin du'u ture” jette. Maqaa kabajaa sirrii Isaaf kennaa: Gooftaa echi jedhu qubguddeessaan yeroo barreeffamu, Yaahwee, Jehoovaa jechuu dha. Ulfaadhu! “Utuu Ati as jiraattee obboleessi koo hin du'u ture.” Duutii fi Jireenyi sarara tokko irratti, yookiin mana tokko keessatti tokkummaa waliin hin qabaatani. “Utuu…inni hin du'u ture.”

Yesus immoo isheedhaan, “Du'aa ka'uun , Jireenyis Ana,” jedhe, Waaqayyo. Hubattanii? Inni yeroo kana jedhetti, jalqaba, “Obboleessi kee in ka'a” erga isheedhaan jedhee booda.

Isheen immoo, “Eeyyee, yaa Gooftaa, isa kana dhugaadhumatti nan amana. Akka dubartii Yihudii tokkootti, guyyaan du'aa ka'uu inni walii gala akka jiru dhugaatti nan amana; obboleessii koos nama amanamaa fi nama qulqullummaatti waaqeffatu akka ture nan amana. Ati immoo Masihiicha isa Macaafa Qulqulluu keessatti dubbatamee akka taate nan amana, sababiin isaa, Waaqayyo Sagalee Isaa Si keessatti mul'inatti dhugaa baasisuun Isaa, Ati ergamaa yeroo kanaa ta'uu Kee agarsiisa. Ati Masihicha. Ati Kristos isa dhuffuf jiru sana akka taate nan amana, hojiwwan Ati hojjettu Waaqayyo Masihicha godhee akka asitti Si erge dhugaa ba'u” jette. Oo, yaa anaa! Amma egaa utuu warri dhimma hin-baafneen (cogs) bakka sana dhufuu jalqabanii ilaalaa. Hubattanii?

51 Isheen, “Ati maaliif dhuftee obboleessa koo hin kaaftu? Ati maaliif isa hin fayyifne? Ati warra kaan in fayyifta. Michuun Kee inni nama hundumaa irra Siif caalu, waan inni ta'e ilaali” jechuuf mirga qabdi turte. Lakki, lakki, kaayyoo akka sii qabaachuun eessaan iyyuu nama hin ga'u.

“Ati dhibbaa dhibbatti waanuma Caaffata keessatti ittiin adda baafamta jedhamtee kaa'amte dha. Yeroon kun yeroo Masihiin itti dhufu akka ta'e nan amana; nuyi isa eeggachaa turre. Waan waari kaan hunduu jedhanittii an dhimma hin qabu. An garaa koo guutuudhaan nan amana, waanan argee fi Sagaleen dhaga'een, Ati Masihicha ta'uu Kee Sagalichi Si keessatti dhugaa ba'eera.” Hubadhaa, keessa garaa isheetti waan gaafattu wayii qabdi, garuu karaa sirrii irraan dhufuu barbaadde.

52 Amma utuu isheen ol fiigdee akka jettee'oo, “Natti himi mee, Ati Masihichaa! Amala iyyuu hin qabdu, gaaffii keenya nuuf deebisuuf iyyuu nama ga'aa miti; nuyi Si nyaachifnee, mana Siif laannaee, waan hundumaas Siif fudhannee, akkuma ati nu abboomtetti damee amantii keessaa baane, waldaa keenyas in dhiifne. Kunoo isa dhiifneerra, nuyi amma akka waan gatii hin qabnee fi kaadii (renegades) tti lakkaa'amneerra. Waan hundumaa Siif gooneerra, waamicha koo naaf deebisuu yeroo diddu, namni maal naan jedhaan (courtesy) illee sitti hin dhaga'amuu?” utuu jettee hoo? Egaa, dhugaadha, isheen mirga kana jechuu qabdi turte.

Akkuma isa isin waa'ee rifeensa mataa gabaabsachuu keessanii, “An lammii Amerikaa ti. An qumxaa

uffachuu nan danda'a, waanan barbaade hojjechuu nan danda'a, kun seera qabsuu miti” jettanii ti. Kun merga keessani, hoolaan garuu yeroo hundumaa mirga isaa in dhaba. Uhuhhuu. Utuu hoolaa taatanii, isin rifeensa (wool) malee homaa hin qabdan, garuu innuu isin irraa in fudhatma.

53 “An mirga miseensa damee amantii kamii ta'uu nan qaba.” Kun dhugaadhumatti sirrii dha, garuu innuu isin irraa in fudhatama. Hubattanii?

Isheen Sagalee Waaqaayyoo isa fuula ishee duratti mul'ifame hubachuuf jettee, mirga ishee hundumaa of irraa mulqite.

Yesus garuu, “Du'aa ka'uun, Jireenyis Ana; namni Anatti amanu yoo du'e iyyuu in jiraata. Utuu jiruu kan Anatti amanu hunduu immoo bara baraan hin du'u; kana amantaatee?” jedheen. Hubadhaa, yeroo sanatti sarara sirriirra bu'uuf ciroo xinnoo tokko wayiitu dabalata ishee hanqatee jira ture. Hubattanii?

“Eeyyee Gooftaa, Ati Kristos, Isa gara biyya lafaa dhufuuf jiru, Ilma Waaqayyoo akka taate amaneera!” Yaa obboleessaa, yeroo sanatti gargar diigamuu jalqabe. Hubattanii?

“Eessatti isa awwaaltan?” Hubattanii? sana booda maaltu akka ta'e in beektu.

54 Hubadhaa, Inni aarsaa keessan akka simatuuf, dursitanii iddoo sirrii ta'etti argamuu qabdu. Hubadhaa, iddoo sanatti ol seenuu qabdu. Akeekkadhaa.

…iddoo Waaqayyo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'atutti…

Isaan buddeena bukaa'aa wajjin hin nyaatin!

Sun aarsaa dhi'eessuu keessatti maalitti fakkeeffama? Sagalicha duwwaa malee, labsii seera waldaa (creed) wajjin walitti hin makin kan jedhu bakka' bu'a. “Buddeena bukaa'aa wajjin hin nyaatin.” Raacitiin… Raacitiin waan kam iyyuu keessatti maal akka ta'e in beektu. “Raacitii xinnoo tokkittiin guutummaa bukoo bukeessiti,” guutummaan bukoo Dhagnicha. Cittuu damee amantii yookiis cittuu labsii seera waldaa (Creed) Kristositti dabaluu hin dandeessan. Lakki, yaa obbo, inni kun hin hojjetu.

Ergaa Kamisa darbe galgalaa in yaadattuu? Abbaan manaa keessan inni durii du'uu qaba. Sirrii dha. Abbaan manaa keessan inni haaraan Sagalicha.

….guyyaa torba maxinoo wajjin nyaadhu!

“Guyyoota torban,” sun maal bakka bu'a? Guyyoonni torban, guutummaa Bara Waldootaa Torbanii ti. Maaliif guyyoota torba nyaatan? Maal dura? Biyya Gibxiitii ba'uun dura. Guutummaan bara waldaa, jalqabaa hanga dhumaatti, Sagalee Waaqayyoo kan bara sanaa duwwaarra jiraatan. Kanaafuu labsiin (creed) Roomaa, labsiin Metedistii, labsiin Baaptistii, fi labsiin Pheenxeqoostaalii hunduu du'eera.

55 Amma sirriitti qalbeeffadhaa.

…Innis buddeena rakkinaa ti.

Isaaf jedhanii ari'ataman; Luuter, Wesiliin, Pheenxeqoostaalonni; hunduu ari'atamaniiru, isinis akkasuma ari'atamuuf jirtu.

…Ati ariitiidhaan biyya Gibxii keessaa waan baateef, guutummaa bara jireenya keettis guyyaa itti biyya Gibxii keessaa baate sana akka yaadattuuf guyyaa torba maxinoo wajjin nyaadhu...

Guyyoota torban sana raacitiin tokko illee guutummaa biyya keetii keessatti hin argamin...

Miidhagduttii Misirroo Kristos keessatti, Baroota Dukkanaa keessa impaayeraa Roomaatiin ajjeefamaa baate, du'uutu Ishee irra ture, “Akkuma sanyiin ija qamadii lafa keessatti du'ee awwaalamee biquluu.” Dhirsi Misrroo dhufuu qaba, Inni Boca Fakkaattii Waaqayyoo (Masterpiece of God) isa dhugaa ti. Kana irratti ergaa koo hundi keessanuu dhageessaniittu.

56 Guyyaa tokko dachaa Loos Aangeles, iddoo Foorest Laawun dhaabadheen onneen koo na dha'ate. Nama meeqatu Foorest Laawuniin turee beeka? Siidaa Museetu achi jira, Mikeelaangeloo boce jedheen amana. Inni siidaa guutuu (pefect) ta'e dha, hunduu sirrii dha, garuu jilba mirgaa irraan madaa inchii walakkaa gadi lixu qaba. Daawwachiisichi…An isa ilaalaan jira ture, innis naaf ibsuu jalqabe. Inni, “Kana hojjechuun Mikeelaangeloo guutummaa jireenya isaa itti fudhate. Inni ogeessa bobbocaa waan tureef, fakkaattii Musee bocuuf yaalaa ture. Duraan Museen maal akka fakkaachuu qabu yaada sammuu isaa keessaa qaba ture. Bara dhufaa darbaa bara dhufaa darbaatti, isa irratti hojjete. Xumura irratti yeroo xumuretti, of duubatti tarkaanfatee moofaa fi gadduumii isaa lafa kaa'ee, gara siidichaa ilaale. Inni guutummaatta fakkaatti Musee isa inni sammuu keessaa qabu ta'uu bira darbee, hanga akka waan inni isa bira jiruutti isatti dhaga'amuudhaan gadduumii lafaa butatee isa cinqaaruudhaan, iyyee hanga, 'Dubbadhu!' isaan jechuutti isa geessise” naan jedhe. Inni Siidaa Fakkaattii Dhugaa Mikeelaangeloon boce (Michelangelo's Masterpiece) jedhama. Wanti guddaan ogeessa bobbocaa sana keessaa sun, mul'anni inni

waan Museen ta'uu qabu of keessaa qabaachaa ture sun, yaada Waaqayyo Abbaa jabaan of keessaa qabu bakka bu'ee in agarsiisa.

57 Inni uumamuu biyya lafaatiin dura yaada garaa Isaa keessaa Ilma tokko qaba ture, sababiin isaa Inni Abbaa dha. Garuu inni amma iyyuu jiinota (genes) Sagalee Isaa keessa jira ture. Inni nama uumee waan uumama hundumaa gararraatti aboo isaaf kenne. Garuu namni sun in kufe. Garuu Ogeessi Bobbocaa guddichi, Waaqayyo, inni biyyoo lafaa irraa nama tolche waa'ee isaaf callisee hin teenye, Inni ammas nama tochuu eegale. Inni Nohiin tolche, inni garuu machiidhaan du'e. Inni Musee tolche, inni garuu Sagalee Isaa eeguu dadhabe. Inni raajota yeroo rakkinaa keessa fiigan tolche. Inni hamma gaafa fakkaattii dhugaa isa Ofii barbaadu, isa Isa calaqqisiisu, isa uumama Isaa qabu argatuutti, hamma wanti yaada garaa Isaa keessa jiru wanta ilma Isaa keessa jiruun tokko ta'uutti, ijaaruu fi bocuu ittuma fufe.

58 Erga Siidaa Fakkaattii Dhugaa (Masterpiece) sun bocamee hojjetamee booda, guyyaa tokko dachaa Yordaanositti, Inni koola Gugee irra taa'ee gadi bu'ee, “Inni kun Isa!” jedhe. Inni Siidaa Fakkaattii Dhugaa kanatti gammaduu irraan kan ka'e hamma Qaraaniyoo irratti Isa cinqaaruutti ga'e, kunis hir'uu hundumaa keenyaaf inni akka nuuf du'uufi; kanas lola'uu Dhiiga Isaatiin fakkaattiwwan siidaa dhugaa baay'een (Misirrottii ta'uudhaan) Ilma Isaatiif haa dhufaniif godhe. Siidaa Fakkaattii Dhugaa kan madaa'e sababa Siidaa Fakkaattii Dhugaa akkasii Waaqayyo arguu irraan kan ka'e gammadee, hunduma keenyaaf Isa cinqaarseefi. Hubattanii? Inni, nu warra hir'uu kana guutuu gochuuf jedhee achumatti du'e. Siidaa Fakkaattii Dhugaa.

59 Addanatti kana qalbeeffadhaa. Inni akkas jedhe:

….guyyaa torba maxinoo wajjin nyaadhu!

Egaa buddeenni waan bakka bu'u qaba. Yesus, “Namni buddeena duwwaadhaan hin jiraatu, Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee” jedhe. Akka isa dameen amantii keessan asii fi achii jecha tokko fudhatee itti amanuu miti. Sagaleen Waaqayyoo garuu guutuu (perfect) dha! Inni Waaqayyo bifa barreeffamaatiin jiru kan “Sanyii (seed)” jedhamu dha. Amantii sirrii kan makaa of keessaa hin qabne Sagalichaaf qabaachuun Sanyichi gara Jireenya isaatti in fida.

Inni kun dhibbaa dhibbatti wanta isin galgala galgala dhoksaa yaada garaa namaa beekuu, fi wantoota kanneen biroo hundumaa keessatti argitanii dha, inni abdii Waaqayyo abdachiise dha. Inni bukkee koo dhaabatee, “Fakkeessitoonni in ka'uu, ati garuu cimii dhaabadhu” jedhee natti dubbate. An Isa nan amana. Ilaalcha ofittummaa qabaadhee nama kamuu waraanuuf miti, Waaqayyoof amanamaa ta'ee wanti Inni hojjedhu naan jedhe hojjechuufan wantoota kanneen dubbadha. Waaqayyos deebisee isa mirkaneessuudhaan, kennaa fi aarsicha in simata, Dhugaa ta'uu isaa mul'inatti dhugaa ba'uudhaan in mirkaneessa. Gaaffiin Isaaf dhi'aatu hin jiru! Egaa amma Dubbii Sagalee sana ilaalaa!

60 Egaa amma, addanatti, “Guyyaa toraba,” haa qalbeeffannu; inni bara waldaa hundumaatiif kan dhaabbatu dha. Akkuma Siidaan Fakkaattii Dhugaa sun nu oolchuudhaaf du'uun Isarra ture, Waldaan Inni guyyaa Pheenxeqoosteetti toora qabsiise aarsaa keessa darbuutu ishee irraa eegama ture; addunyaan Roomaa ishee ajjeeftee lafa keessa awwaalte.

Barreessaa kotaaba kanaa irratti, amma waa'ee isaa yaaduu hin barbaadu, “Seexanni hundumaa irra caalu, Wiiliyaam Branhaami” jechuun baay'ee nama kolfaa na godhan. Hubadhaa, kun egaa waan Seexanni naan jechuu yaale dha. Inni, “Mul'annii fi wantoonni akkasii kan Seexanaa ti. Yookiis, inni gosa warra nama na raatessanii ti, yookiin immoo miira adda baafannaa ol aanaa (super sensory perception) keessaa hojjeta” naan jedhan. Beektonni biyya lafaa yeroo hundumaa qoranii bira ga'uu barbaadu.

61 Innis iddoo itti isaan Yesusiin qoranii bira ga'uu barbaadani dha. “Wantoota kana attamitti goota? Humna maaliitiin goota?” isaan jedhan.

Yesus immoo, “Gaaffii tokkin isin gaafadha. Tajaajilli Yohaannis Cuuphaa Waaqayyo biraati moo nama biraati?” jedhee isaan gaafate. Hubattanii?

Isaan immoo, “Nuyi hin beeknu” jedhanii deebisan.

“Egaa Anis maaliin akkan hojjedhu isinitti hin himu” isaaniin jedhe. Sun sirrii dha. Isaan in deeman. “Yeroo sanaa jalqabee namni tokko illee waa isa hin gaafanne.” Hubattanii? Inni dugda isaan kute, Inni waa'ee Isaa waan tokko illee isaanitti hin himne; hojii isaan ilaallatu miti. Inni hojii hojjetu qaba ture, hojichas in raawwate.

Waanuma kana fakkaatu akka goonuuf Waaqayyo nu haa gargaaru. Gaafii Seexanaa deebisuun nurra hin jiraatu, kun sirrii dha, “Ati dhuguma yoo akkas taate, kanaa fi sana godhi” isa inni jedhu deebisuufii hin qabnu. Wangeela sanaaf lallabaan itti gaafatamummaa qaba, kun isa dhumaa ti; akkaataa Inni itti barreefameef miti, Isa dubbachuu isaatiif itti gaafatama malee.

Akka garbicha tokkootti, yoo raajii taatan, Waaqayyo itti isin gaafata. Mul'anni (vision) isin bira dhufu

Caaffata kana ibsee maal akka Inni ta'e agarsiisa yoo ta'e, Sagalee Macaafa Qulqulluu sana keessa jiru hundumaaf itti gaafatamummaa qabdu, sababiin isaa, Macaafichi namoota isinii wajjin tokko (same) ta'aniin barreeffame waan ta'eef. “Waaqayyo bara durii raajotaan sosocho'ee Macaafa Qulqulluu barreesse.” Hubattanii? Raajii dhugaan Waaqayyoo jecha Sagalee Isaa keessa tokko illee kan mame hin jiru, Sagalee hundumaa amanee akkuma sanattis lallabe malee. Saba booda Waaqayyo daandii sanarra bu'ee Sagaleen dubbatame sun dhibbaa dhibbatti akkaataa abdachiifameen raawwachuuf in dirqama, Sanyichi in guddatas.s

62 Egaa ammas qalbeeffadhaa, ariifadheen dudubbadha, addanatti wanti nuyi qorannee bira geenyu, qixxaan sun kan nyaatamu guutummaa guyyoota torbaa keessa nyaatama; kunis guutummaa Baroota Waldaa Torbanii ti. Egaa, yeroon sun yeroo inni du'ee lafa keessa badu ture.

Qeeqaan waa'ee koo xiinxalee haasa'e sun akkas jedhe: “Waaqayyo inni isin waaqessitan kun, Bara Dukkanaa keessa yeroo haadholiin, dubartoonni ulfaa, kaan isaanii daa'imman xixiqqoo kaasuutti baatanii fi namoonni qulqulluun (sincere) dirree bal'aa keessatti darbatamanii leencaan tatarsaafaman taa'ee ilaala ture; dubartoota qullaa dhaabanii, durboota saafela akka kanatti duubatti furuursanii leenca gad isaanitti dhiisan. Waaqayyo inni Teessoo Isaa irra taa'ee Waaqarra jira jedhame, gadi ilaalee gocha kanatti Nan gammada jedhe” jedhe.

Egaa hubadhaa, kun yaada beektota biyya lafaa isa kan Seexanaa ti. Namichi utuu nama hafuuraa ta'ee, silaa sanyiin qamadii du'ee kaatediraalii Roomaa keessatti akka awwaalamuun irra jiru in bara ture.

63 Garuu yeroo sanatti mutaan Lubbuu inni xiqqoon jalqabaa karaa haaromsa Maartiin Luuteriin biqilee mul'ate, innis, “Namni qajeelaan qixxaa (kosher) lubni qopheessuun hin jiraatu, Sagalee Waaqayyoon jiraata malee. 'Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata'” jedhe. Inni gurra lama baafate. Sanyiin qamadii biqilee guddachuu jalqabe.

Joon Wesliin achirraa ka'ee isatti dabale. (Namoonni biroo baay'een ka'anii turan, isaanis…Ziwiingilii fi kanneen biroon ka'anii durbummaan dhalachuu maman, innis achumaan gadi du'e). Garuu achirraa ka'ee Metedistiin, algeen, baattuun bullaa daraaraa, barri mishiinerii in dhufe. Isaan qulqullummaa (sanctification) lallaban; isaan baattuu bulla daraaraa (tassel) itti dabalan.

Achirraa ka'ee Phenxeqoostaalonni qola midhaanii (Shuck) keessa dhufan, gar malee isa dhugaa fakkaachuu irraan kan ka'e, warra fo'aman wallaalchisuuf in k'an. Guutumaan guutuutti ija qamadii fakkata, yommuu isa bantan garuu qamadii wanti jedhamu keessa hin jiru. Garuu Lubbuun (Life) qola sanyichaa (shuck) keessa darbaa jira.

64 Egaa amma, qalbeeffattaniittuu? Wal ga'ii guddaa yeroo hundumaa waggaa sadi sadiin godhamu booda waan ta'u beektuu? Foxxoqanii damee amantii uumuutu ta'a. Inni kun waggaa digdama fixeera, garuu dameen amantii tokko iyyuu foxxoqee hin hundeeffamne. Jaallatamaa Hoolicha du'ee, adaraa yoom illee kana isa hin godhin. An dhaloota kana keessan du'a yoo ta'e, adaraa namoonni Ergaa kanatti amanan damee amantii tokkoof gonkumaa jabaatanii hin dhaabatin! Waaqayyo…Achuma sarara fiigicha keessanii irratti duutu! Kana yaadadhaa! Battala Sa'aatii damee amantii of keessaa baaftanii hundeessaitanitti, hammam nama laphee cabaa yoo taatanis dhimma koo miti, Sagalee kana akka isiniif mirkaneessuuf bakka Hafuura Qulqulluu battala nama isin geggeessu fudhattanitti, battaluma sa'aatii sanaatti in duutu! Sanyii inni dhugaan kana gochuu hin danda'u, sababiin isaa sanyii booda wanti hafe kan biraan hin jiru, inni wanta jalqaba facaafamee wajjin tokko. Inni Misirroo midhaan Qamadii deebisee godhachuuf biyyoo keessa dhaabamee ture dha.

65 Qalbeeffadhaa:

….guyyaa torba maxinoo wajjin nyaadhu!

Egaa achitti Misirroo birattis…

Egaa amma, isin namoonni iyya haadha Metedistii durii qabdan, kanneen biroonis, warri, “Isheen yoo afaan haaraa hindubbattu taate, biyyichatti hin galtu” jettanii dinqisiifattu. Kun soba. Isheen Hafuuruma Qulqulluu isin amma qabdan kana turte, garuu bifa baattuu bulla daraaraatiin (tassel) hin turre, isheen kennaa hafuuraa iddoottii deebisuu miti. Guyyoota torban sana hundumaatti garuu maxinoo nyaadhu, Sagalicha. Warri duubaa, warri damee amantiitti foxxoqan, isaan du'aniiru. Isaan hoffaa yookiis cidii dha, isaan walitti qabamanii in gubamu. Garuu Lubbuun (Life) kallattiidhaan keessa darbee deemaa jira. Maaltu ta'a? Lubbuun hoffaa, baattuu bulla daraaraa fi qola sanyii gara alaa ture hunduu gara qamadiitti ol bubbisa. Hafuurri Qulqulluu innumti Luuteriin kaase, innumti Weslii kaase, innumti Phenxeqoostaalota kaase, Misirrottiis guyyaa du'aa ka'uutti ol in bubbisiisa.

66 “Guyyaa torba maxinoo wajjin nyaadhu!” Raajitiin Misirrottii gidduutti hin argamin, jechi itti hin dabalamin, wanti tokko illee. Yaadadhaa, jechi sagalee tokkittii du'a biyya lafaa keessaa hundumaaf sababa ta'e; ijoollee maatii seera gaa'elaan walitti hin hidhamin irraa dhalatan hundumaaf sabab kan taate Hewaani, waldaa ishee jalqabaa ti, misirroo Addaam ishee jalqabaa ti, isheen Dubbii Sagalee

Waaqayyoo amanuu diduudhaan damee amantii fudhatte, yookiis immoo beekumsa biyya lafaa, yookiin iddoo Isaa mana barumsaa ofitti simatte; Sababiin isaa, "Dhuguman siin jedha, Waaqayyo Waaqayyoo gaarii dha" jedhamee sababeeffatame. Waaqayyo Waaqayyoo gaarii dha, garuu Inni akkasumas Waaqayyoo qajeelinaa ti. Dubbii Sagalee Isaa diqama eeguu qabna! Isheen mana barumsaa simatte.

Iddoon isin ijoolleen seminarii kaan keessan mamii tokko malee jireenuya keessan keessatti waamicha qabdan jira, isin garuu diddanii doktiriinii kana akka isin waraananiif gara mana barumsaa Macaafa Qulqulluutti fiigdu, egaa iddoon isin itti duutan achi… Waaqayyoo fi Dubbii Sagalee Isaa bira turaa. Isaan isin hin waaman; yookiis mana sagadaa isaaniitti miseensa ta'uu iyyuu hin dandeessan, isaanuu gara waltajjii isaanitti isin hin afeeran. Kanaafis, mee isaan isa haa qabaatan, mee du'aan du'aa haa awwaalu, Nuyi immoo Kristos Sagalicha duukaa haa buunu.

67 Egaa amma, guyyaa torba guutuu raacitiin Misirrottiitti hin makamin, Waldattiitti guyyaa torbaaf raacitiin hin makamin.

Amma qalbeeffadhaa. Amma…

Guyyoota torban sana raacitiin tokko illee guutummaa biyya keetii keessatti hin argamin! Foon ati guyyaa duraa galgala aarsaa… (Addanatti aarsaan Misirrottii ishee Aarsaa Kristos booda dhuftu bakka bu'a) dhi'eessite irraas guutummaa halkan sanaa irraa hafee hamma ganamaatti…

Attamitti Baroota Waldaa keessa akka dabarre in yaadattuu? Ergamaan waldaa sanatti ergamu yeroo hundumaa battala barri waldaa biraa du'uu ga'e irratti dhufa. Du'aatiin Pheenxeqoostotaa ol butamuu Misirrottii fida. Hubattanii? Du'uun Luuter Weslii dhale. Hubattanii? Du'uun Weslii Pheenxeqoostee dhale. Du'uun Pheenxeqoostee Ergaan ammaa kun akka dhalatu godhe. Kunoo ti, inni kallattiidhaan addana jira, guutummaa Caaffataa keessa toora galee jira. Macaafa Qulqulluu keessa wanti tokko isa biraatti hidhamee kan hin jirre hin jiru. Hubattanii? Isaan kun hunduu waa bakka bu'u. An barumsa hin qabu, garuu Hafuura Qulqulluu isa karaa biraatiin natti agarsiisu, isa uumama irraa na barsiisu nan qaba; Dubbii Sagaleetiin kan na barsiisu nan qaba. Sagalichaan ta'uu qaba, wantoonni ta'an kan abadachisiifaman akkasitti waan ta'eef.

Foon ati guyyaa duraa galgala aarsaa dhi'eessite irraas guutummaa halkan sanaa irraa hafee hamma ganamaatti hin turin!

68 Egaa amma, Luuter nama Dhugaa of harkaa qabuu fi nama, "Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata" jedhee barsiise dha. Isin bara Metedidtii keessa isa kana doktiriinii guutuu taasiftanii itti hidhamuun isin hin barbaachisu. Maal gooturee? Ibiddaan isa gubaa. Kun maalitti fakkeeffama? Dameen amantii Sagalicha irraa foxxoqee hundeeffame hoffaa dha, cidiidhas waan ta'eef ibiddaan gubamuu qaba. Garri qaama damee amantii baroota keessa lufee dhufe itti fufee jiraachuu hin qabu, du'uu qaba. Amma barri biraa cabutti hin dhiisinaa, itti qabsiisaa gubaa! Inni amma Kunoo asitti Misirrootti dubbachaa jira, Misirrottiin baroota hundumaa keessa dabartee ol guddachaa jirti.

"Dhiigni hoolichaa" attam akka bareedu qalbeeffadhaa. Isaan kunneen Dhagna Kristosi, Aarsaan: dhiiga hoolaa balbala irratti dibamu dha. Amma, yaadadhaa, hoolaan qalame sun Kristos kan bakka bu'u ture.

Yeroo bareedaa waliin qabaanna turre, garuu…hin dandeenye, daqiiqaa muraasa qofaatu na hafe. Amma asuma irratti dhaabee, galgala asirraa itti fufuu naaf wayya, sababiin isaa sa'aatii dheeraa turre waan ta'eef. Mata duree tokkicha kana irratti yaadannoo fuula digdaman of harkaa qaba.

69 Amma qalbeeffadhaa, kana irratti, hoolichi hiika dhokataa (figurative form) tiin Kristos ture. Yookiis sirriin dubbadhee? Fakkeenyaan dubbachuu; Kristos Hoolicha ture. Inni korbeessa hoolaa goromtii (ewe) irraa angafa dhalate ta'uu qaba. Inni korbeessa angafaa ta'uu qaba. Kana malees mudaa qabaachuu fi qabaachuu dhabuun isaa duraan dursee qoramee ilaalamuu qaba ture.

Egaa amma, Kristos in qorame; hoolich hoolaa haadhoo kan taate dubroo Maariyaamiif isa angafaa ti. Inni maaliin kan qoramedhas? Seexanni Sagalichaatti amanuu dide. Yeroo inni Hewaaniin dha'etti, isheen in kufte; yeroo inni Musee dha'etti, inni in kufe; yeroo inni Kristoosiin mormee garasitti balali'ee, Ati sirrii miti jedhee Caaffata keessaa isaaf tuquu yaaletti, uhuhhuu, Inni Musee akka hin taane bira ga'e. Hunattanii? Inni qorameera. Inni maal Isaan… inni of duuba galagalee, "Ati dinqii akka hojjettu, dinqii kan hojjetu immoo Masihicha jedhanii natti himanuuru. Egaa amma, Ati beelofteetta, Ati waa nyaattee hin beektu, kanaafis Ati dhuguma yoo Ilma Waaqayoo taate dhagoonni kun buddeena akka ta'aniif abboomi, isas nyaadhu" Isaan jedhe.

Yesus immoo, "Caafameera, 'Namni buddeena duwwaadhaan hin jiraatu' jedhamee" isaan jedhe. Labsii amantii (creed) keessanii fi kanneen birootiin miti. Maaliin malee? Dubbii Sagalee hundumaan! Gar tokkee Dubbii Sagalichaatiinii? "Dubbii Sagalee afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan." Wanti namni ittiin jiraatu isa kana. Hubattanii? Hoolichi qorameera, iddoon Inni itti kufe yoo jiraate ilaalaa.

70 Fariisonni, "Yaa Rabbi, Ati yaa Raajii dargaggeessa nana, Ati nama dinqisiisaa dha jennee yaadna. Ati nama gaarii dha" Isaan jedhan.

Yesus immoo, "Maaliif gaarii Naan jettu? Waaqayyo isa tokkicha duwwaa malee namni gaariin tokko illee hin jiru. Kana in amanatuu?" isaaniin jedhe.

"Oo, eeyyee. Waaqayyoon."

"Ba'eessa dubbattan, egaa Ani Isa." Uhuhhuu. "Gaarii tokko duwwaatu jira jettean. Waaqayyo ta'uu Koo utuu hin amanin maaliif, 'gaarii' naan jettu?" Uhuhhuu. "Kanaafuu maaliif gaarii Naan jettu? Akka kana gootan maaltu isin godhe? Gaarii tokkichi duwwaan akka jiru, innis Waaqayyoon akka ta'e utuu beektanii akka akkas jettaniif maaltu isin kakaase?"

"Ati ulfina namaas ta'e dubbii aangoo isaanii hin kabajju. Isa kana beekana." Yaaliin…Isaan warra Waaqayyo malee jiraatan akka ta'an Inni in beeka. Hubattanii?

71 Inni iddoo dhaabachaa ture arguuf in qorame, hubadhaa, Inni gama hundumaan qorame, Inni akkuma nuyi qoramnetti qorame. Inni garuu gonkumaa raawwatee harka hin laanne. Lakki, obboo! Inni Ilma Waaqayyoo ture.

Hoolichi guyyoota kudha afuriif kaa'amee qorame. Kana jechuun Sanbatawwan lama, yookiis baroota lama jechuu dha. Inni duraa kan Yihudootaa yummuu ta'u, innis isa isaan gaadudduu isa dhufuuf jiruu hoolaa aarsaa dhi'eessaa turani dha; inni lammataa immoo kan Warra Yihudoota Hin ta'inii (Gentiles), warra Hoolaa isa dhugaa qabanii ti, hundumti isaanii immoo Hoolicha dhufuuf jira jedhamaa ture sana amanuudhaan guutuu (perfect) taasifamaniiru. Inni garuu guyyaa kudha afuriif qorame, yookiis guyyaa kudha afuriif qorannoon irratti geggeeffame, Inni Sagalee ture.

Isinis Kakuu Moofaa qorattanii, "Inni Kakuu Haaraatti farada" jechuu dandeessu. Isin dogoggortaniittu! Kakuu Moofaan waa'ee Kakuu Haaraa dhugaa kan ba'u duwwaa dha.

Namichi tokko dhi'oo kana na qoruu (challenge me) dhufee, "Namichi maal rakkate?" jedhe. "Ba'eessa, inni Kakuu Moofaa keessaa iyyuu in barsiisa" jedhe. Namichi lallabaa Kristaanaati, mee kana yaadaa. Inni ittuma fufee, "Kakuun Moofaa du'ee badeera" jedhe. Oo, lakki! Oo, lakki! Inni maasteroota mana barumsaa (schoolmaster) duwwaadhaaf du'ee bade, inni waan keenyan irratti barreeffame agarsiisa. Hubattanii? Kun sirrii dha.

72 Egaa amma, hubadhaa, inni guyyaa kudha afur qorame, innis Kristos ture. Amma qalbeeffadhaa, sana booda erga galgalaa'ee Inni in qalame, hoolaan diqama erga galgalaa'ee galama ture. Kristos erga galgalaa'ee, waaree booda ajjeefame. Sana booda, hubadhaa, akkuma kana…

Dhiigichi buusawwan balbalaatti dibama ture, hubadhaa, dhiigni lubbuu bineeldotaa ti. "Foonicha nyaadhaa; dhiigni hoolichaa, kunis lubbuu hoolichaa garuu keessaa baasaatii michichila balbalaatti dibaa." Hubattanii? Dhiigichi buusaa michichilawwan balbala mana aarsaan keessatti simatametti dibama ture. Ulfaadhu! Lubbuun (Life) maali? Maqaa dha. Kunis Inni maqaa namaa…kaa'e jechuu dha. Mana nama tokkoo dhimmaaf yoo deemtan, manichi kan isaa ta'uu mirkaneeffachuuf ol jettanii maqaa namichaa erga ilaaltanii booda, bilbila balbalichaa rukuttanii ol seentu. Hubattanii? Gaadidduu aarsaa mana keessaan jiruu kan ta'e dhiigni buusaa balbalaatti in dibama ture.

Amma egaa, karaa sanarra buunee, Dhiigicha keessa dabarree iddoo waaqeffannaa aragachuuf deemna. Qalbeeffadhaa, dhiigni balbalicharraa maqaa waan mana keessaa…dubbachaa ture, isaan achi keessa jiru turan. Iddoon waaqeffannaa keenyaa Hoolicha, innis Sagalicha. Isa kana in beekna.

73 Egaa amma, lakkoofsa 4ffaa qalbeeffaadhaa, "Buddeen sana hin hambisin, aarsaa dhi'eete sana tokko illee hin hambisin" yookiis, bara tokko irraa bara biraatti isa ce'e irraa fudhadhu.

Dubba deebi'aatii, "Ba'eessa egaa, nuyi Luuteraanota, nuyi as ga'uu barbaanna" jechuu yaalaa, bara Wesliitti dhalachuuf bara Luuterittii du'uutu isin irra jiraata. Bara Pheenxeqoostaaliitti dhalachuuf, bara Wesliittii du'uutu isin irra jiraata. Bara Phenxeqoostaaliittiis du'uu qabdu, waa tokkoo isaa hin hambisinaatii ibiddaan gubaa, sababiin isaa, inni akkuma hoffaa qamadiin irraa dha'ameetti gubamuuf jira waan ta'eef. Hoffaan, dameen amantii gubachuuf deemaa jira. Kanaafuu damee amantii keessan Ergaa haaraatti ol hin fidinaa. Inni ammaa kun Sagalucha. Warri damee amantiitti fofoxxoqan hoffaa dha; hoffaan Isa baateera, kun sirrii dha; garuu Inni dhufee asitti ol ba'eera, ergasii hoffaan du'eera. Dameen amantii baattuu (carrier) turan, Sagalichi garuu qajeelee in adeema. Eeyyee, Sagalichi qajeelee in adeema.

74 Amma immoo lakkoofsa 5ffaa fi 6ffaa fudhaa. Qalbeeffadhaa, "Hin…" Mee lakkoofsa 5ffaa fi 6ffaa haa fudhannu.

Aarsaa Faasikaa, karra mandaroota Waaqayyo Gooftaan kee siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin!

Yaadadhaa amma, "Karra mandaroota…keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin!" Hubadhaa, Gooftaan damee amantii kanneen, "mandaroota kenneen" akka qabaattaniif isiniif eyyeme.

Iddoo Waaqayyo Gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti garuu…

Inni kun Mandaricha, iddoo tokkicha sana. "Mandaroota…tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin!" Waaqayyo garuu Karra Mandaraa (a Gate) tokko qaba.

75 Isin, "An ganama hundumaa karra Metedistiitti ol nan seena" jettu. Sun waldaa dha. "An ganama hundumaa karra Kaatolikiitti ol nan seena." Uhuhhuu. Ba'eessa egaa, Gooftaan namoonni Isaa madaroota (karrawwan) sana lixanii akka ba'an godhe. Waaqayyo waldaa Kaatolikii keessaa, waldaa Metedistii keessaa, waldaa Presbaayiteeriyaanii keessaa, waldaa Pheenxeqoostalii keessaa, hundumaa isaanii keessaa namoota Isaa argate. Dhugaadha, garuu mandara sana keessatti Gooftaa Waaqessuu hin qabdan. Hubattanii? Gooftaan garuu mandara murtoofte tokko qaba. Ulfaadhu! Inni karra mandara tokkoo qaba.

Iddoo Waaqayyo Gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti garuu, aarsaa Faasikaa sana, galgala yeroo aduun lixxu…dhi'eessi!

76 Ribqaan yeroo attamiitti Yisihaaqiin waamte? Misirroo ta'uu ishee Elii'ezaar yeroo attamiitti ishee moggaase? Galgala yeroo aduun lixxu!

Yeroo galgalaa'utti Ifni in ta'a,

Karaa gara Ulfinaattii dhugaatti in argatta;

Daandii bishaanichaarra har'a Ifni jira,

Maqaa mi'aa'aa Yesus keessa awwaalamee;

Xinnaa fi guddaan, cubbuu hundumaattii deebi'aa,

Hafuurri Qulqulluun dhugaatti ol in seenaa;

Ifoonni yeroo galgalaa'uu dhufaniiruu,

Innis dhugummaa Waaqayyoo fi Kristos tokko ta'uu ti.

Inni sun jalqabbii Isaa ture, amma isheen gara Ifa Misirrottiitti bifashee haqatteetti. Maal jechuu akkan barbaade hubattaniittuu?

77 Asuma irratti dhaabee, galgala itti deebi'uu naaf wayya. Sababiin isaa, hubadhaa, kana akka isin dhiiftan hin barbaadu waan ta'eef. Lakki, lakki, sa'aatiin sa'a laaqanaa ti. Ba'eessa, ba'eessa, baarreefama yaadannoo baay'een asii qaba. Oo, yaa anaa! Galgala kana hoo, sana wayyaa? [Amantoonni, "lakki. Amma" jedhan.] Ihii? Ba'eessa, isin yoo… Xiqqoo akka achi dhiibnu barbaaddanii? ["Eeyyee. Ameen."] Tile gaarii dha, yoo xiqqoo achi haa dhiibnu, sirriitti kan ariifannu ta'a. Attam ni ta'a mitii?

78 Egaa amma, iddoo kam dhaqaa? "Aarsaa Faasikaa, mandaroota Waaqayyo Gooftaan kee siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin! Iddoo Waaqayyo Gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti garuu isa dhi'eessi." Gara karra mndaraatti, kana jechuunis gara balbala mana siif kennameetti ol hin galin. Sirrii dhaa? Waaqayyo Maqaa Isaa balbala irra kaa'uuf waan ta'eef,…hin gootan. Innis immoo karra iddoo waaqeffannaattti, iddoo qulqullaa'aa (sanctuary) tti ol seensisu dha. Aarsaa kee, mandaroota Waaqayyo Gooftaan kee siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin! Iddoo Waaqayyo Gooftaan kee Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti garuu aarsaa dhi'eessi. Hubattanii?

Egaa amma, Inni waan sana godheeraa? Karrichi eessa? Wangeela Yohanni 10 keessatti Yesus, "Ana karri, Ana balballi hoolotaa! Balballi mana Waaqayyoo ittiin ol galan Ana" jedhe. Inni balbala re'ootaa miti, balbala hoolotaati malee. Hubattanii? "Ana balbalii hoolitaa. Balbalichi Ana, inni anaan ol galus in fayya."

79 Egaa kana irratti yeroo dheeraa fudhannee babal'isnee ilaaluu dandeenya turre. Garuu, yeroo qusachuuf jecha haa gabaabsinu, Inni balbala hoolotaa ti. Egaa amma, kana akka qalbeeffattan barbaanna. Gaadidduu fi wanti dhugaan gaadidduu uume sun as irratti sirriitti in mul'atu, garuu ani…garuu fuula sana fuudhee yoon jalqabe xiqqoo isin tursuun isaa hin oolu.

Tole gaarii dha, qalbeeffadhaa, kun guutummaatti mul'ina Yesus Kristos fida. Guutummaan Kakuu Moofaa gaadidduu Isaa waan ta'eef, ayyaanonni hunduu, waaqeffannaan hunduu, wantootni akka seeraatti dhi'aatan hunduu gaadidduu Yesus Kristos ture. Sararoota Caafatootaa jalatti, "Kana ibsi (explain it)" jedhee kanan barreessen of harkaa qaba. Iddoon inni itti yeroo dheeraa fudhatu jira. Ayyaanonni hunduu attamitti akka…ibsuun…Kennaa daakuu midhaanii dhi'eesuun iyyuu gaadidduu Kristosi.

Mee isaan keessaa isa kana fudhannee haa ilaallu.

80 Yeroo tokko mana barumsaa tajaajiltootaa (ministers), yookiis mana barnoota raajotaa jedhamutu ture. Isaan raajota leenjisanii, raajota barsiisanii fixan. Raajiin dhungaa, raajiin Waaqayyo waame immoo yeroo tokko warra kana dubbisuuf deeme. Ba'eessa egaa, raajii durii sana xiqqoo akka ulfina kennuufii barbaadanii, kanaafis isaan keessaa tokko deemee wayinii caakkaa ciree akka deebi'uuf ergan. Innis wayinii caakkaa argatee, isattii buqqee hadhooftuu uffata isaa guutuu (lapfuls) ciratee, deebi'ee yeroo dhufe waliin isaa utuu hin beekamni murmuree xuwwee ittoo sanatti naqe, egaa akkasitti inni hunduma isaanii nyaachisuuf qopheessaa jira.

Oo! Seminarii uffata keenya guutuu meeqa qabna laata? Hubattanii? Sirrii dha. Isaan waan ta'e bilcheessanii xumuraa jiru. Hubattanii? Metididtii wayyaa guutuu argataniiru, Baaptistii wayyaa guutuu argataniiru, Phenxeqoostaalii qabu. Garuu hubadhaa, garuu isaan kun hunduu biqila lammaffaa gosa warra mukicha irraa muramuu danda'anii ti. Hubadhaa, isaan kun Muka Wayinichaa isa haadhoo (main Vine) keessa hin jirani, wayinii caakkaa ti. Loomii, qomxaaxxee fi kanneen kana fakkaatan godhatu; isaan burtukaana miti, garuu nuyi akkasi ofiin jedhu.

81 Ammas qalbeeffadhaa. As keessatti, yeroo Eliyaas naannoo sana dhufee isaan ilaaletti, nyaatichi kan summaa'e ta'uu isaa fi hundumti isaanii dhumuuf akka jedhan hubate, isaan, “Wayyoo kaa! Xuwwicha keessa wanta nama ajjeesutu jira” jedhan.

Inni immoo, “Daakuu muraasa fidaa!” jedhee xuwwichatti naqee, “Amma namoonni haa nyaatanii baasiif!” jedhe; kana booddee xuwwicha keessatti wanti nama miidhu hin argamne. Inni du'a gara jireenyaatti jijjiire.

Daakuun dhi'eeffame sun Kristoosi, Inni Daakuu aarsaa dhi'eeffame ture; daakuun midhaanii aarsaa dhi'eeffamu immoo iji midhaanii sun hanga hammi isaa wal qixxaatutti daakamee hammaan tokko (same) taasifama. Kunis kan agarasiisu Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu kan agarsiisu dha. Inni isuma sana waan ta'eef, yoo isin foxxoqxuu damee amantii keessanii keessa keessan in jiraata, Sagailcha! Kristos Sagalicha, wanti hunduu gaadidduu Isaa turan: manni qulqullummaa, buddeenni ilaalaachaa (Shewbread), wanti hunduu gaadidduu Isaa ti. Qixxaan (kosher) saanii irratti caccabsamu dhagna Isaa isa caccabsame dha, warri Yihudootaa garuu isa maaliif akka godhan amma iyyuu ibsuu hin danda'an. Hubattanii? Wantoonni kunneenii fi kanneen biroon hunduu gaadidduu Isaa turan.

82 Egaa amma, erga akka ta'ee, erga Inni mul'inatti argamee, dameeleen amantii hunduu fi labsiin seera waldaa (creeds) amma duubatti hafuu isaanii hubanna; sababiin isaa, Inni qulqulluu (pure), Dubbii Sagalee Waaqayyoo isa hin jijjiiramne, kana jechuunis, Inni buddeena raacitii of keessaa hin qabne waan ta'eef; Wangeela Yohaaniis boqonnaa 1. Kun sirrii dha, Inni buddeena raajitii of keessaa hin qabne dha. Kanaafuu, yommuu isin kana, yookiin sana itti dabaltan, inni raacitii isa isin Isa durumaan jalqabatti isiniif kennametti dabaltani dha.

Ilaalaa addanatti. Wanti bara har'aa dhala namaa ajjeessaa jiru maali? Wantoota garaa garaa fuudhanii diqaalomsu (hybrid). Waan tokko yommuu diqaalomsitan, isa ajjeeftan. “Oo, innoo isa duraa caalltti miidhaga.” Dhugaa dha! Boqqolloo diqaalome: midhaan dheedhii boqqolloo irraa diqaalomanii argaman hunduu koorni filaksii (corn flakes) jedhamu. Boqqolloon diqaalome hammaan guddaa, maseena ijaan namatti tolu, baala babal'aa kan qabuu fi lukoon isaa hamma warra kaanii harka lama kan guddatu fakkaata. Garuu inni waan nama ajjeesu dha! Saayinsiin iyyuu isa kana bira ga'eera. Hubattanii? Wal jala fuutanii hin diqaalomsinaa, isin ajjeesaatii.

83 Amma, mee addanumatti isinittin agarsiisa. Guyyaa tokko ilillii mooraa koo keessa jirun bishaan obaasaan ture. Giiftiin immoo ilillii diqaalome xuwwee xiqqoo keessa, yookiis qodaa ilillii itti dhaaban keessa dhaabdee mana bukkeedhaa qabdi. Warra diqaaloman sana torbanitti yeroo sadii, yookiis yeroo afur bishaan obaafna, kanaa achii in du'u. Ilillii inni jalqabaa (original) mooraa keessa dhaabatee jira. Bokkaan erga roobee ji'a ja'a ta'eera, gogiinsuma akka… Yoo roobee came, daqiiqaa kudhan keessatti awwaaratu irraa ka'a. Garuu inni miskiinni ooruu keessa jiru, isa diqaalaa yeroo hundummaa bishaan obaafamu caalaa miidhagee fi ifee mul'ata. Utuu bishaan irraa kuttanii xinnoo xurtanii, inni gogee bada. Garuu inni sun bishaan eessaa argata? Wanti kan biraan immoo, isa diqaalome sana irraa injiraan harcaasuuf yeroo hundumaa guyyaa guyyaadhaan, yookiin guyyaa lama lamaan farra ilbiisaa itti biifuu qabdu. Kanaa achii ijiraanni sun nayaattee fixxi, isaan lallaafoo fi akka salphaatti kan ciniinamanii dha. Isa jalqabaa (original) sana garuu injiraanni argachuu hin dandeessu. Lakki, lakki! Inni ol isatti foqoqee irraa kufee bada. Inni isa jalqabaa ti! Waan diqaalomsuun hojjete hubattanii?

84 Wanti waldaa keessatti ta'us isuma kanaa wajjin tokko. Isaan damee amantii (denomination) Sagalichaa wajjin walitti makuu yaalu, waan dameen amantii jedhe akka waan Sagalichi jedhee godhuuf yaalu. Sana gochuufis, isaaniiti biifuu qabda, akka daa'imaa isaan sossobuu qabda, akka isaan Barumsa Mucoolii (Sunday school) dhufaniif warqee bifa urjii isaaniif kennuu, fi waan kan biroo hundumaa gochuu qabda. Kun sirrii dha. Yeroo kanatti, inni dhugaan, Kristaanni dhugaatti lammata dhalate, inni Sagalee

Waaqayyoon dhalate jabaatee in dhaabata. Inn egaa isini. Injiraannii fi wantoonni biyya lafaa isa hin rakkisan. Inni joobira, inni isa bira darbee ol sokkeera. Hubadhaa, inni battalatti balali'ee waaqa keessa bada. Hubattanii? Kun dhugaa dha. Homtinuu…

85 Qalbeeffadhaa. Amma wanti nuyi asitti dirqama hubachuu qabnu, dameen amantii, labsiin seera waldaa (creed) fi wanti buddeena bukaa'aatti dabalame kamuu buddeena raacitii of keessaa hin qabne wajjin walitti makamuu hin danda'u. Macaafni Qulqulluunis as aarsaa sababii cubbuuf dhi'aatu keessatti, waaqessuuf yommuu deemanitti, buddeena bukaa'aa raacitii of keessaa qabu qabattanii deemnaan Waaqayyo hin simatu jedhee dursee gaadidduu agarisiisa.

Ati, “Ani Metedistiidha” jetta. Achumatti duuta! Ati, “Ani Phenxeqoostaalii dha” jetta. Achumatti duuta!

An kan Kristosi. Kun sirrii dha. Waan irra dhaabattan tokko argattaniittu. Kun sirrii dha. Isin waan tokko irra dhaabachaa jirtu.

Charchil yeroo tokko quba isaa ol qabee, “Injifannoo arganneerra” jedhe. Ingiliziin sanarra dhaabatte, isaan Charchiiin amanan.

Amantanis amanuu baattanis, har'a ganama kana waan ta'e tokkorra dhaabattanii jirtu. Wanti isin ittiin jiraachuu fi ittiin dhaabachuu dandeessan waan tokko duwwaa dha, innis immoo Kristosi, Sagalicha. Dhugaa dha!

86 Dameeleen amantii Macaafa Qulqulluu keessaa waan tokko illee hin gaadiddeessan, yoo Baabiloon malee. Baabiloon Nimrodiin hundeeffamte, Nimrod immoo kaadii (renegade) ture. Inni gurmuu dubartootaa giiftota (queens) isaati jedhaman qaba ture, isaan raajita. Qorattoonni seenaa, Bala'aam inni durii sun gosa warra kanaa irraa dhufe jedhanii yaadu, hidda dhalootaa fi hidhata biros qabu. Isaan in waaqeffatu turan, (warri barattan baay'een keessan kitaaba Hislopsii mata dureen isaa, Baabiloon lamaan jedhuu fi seenaa waldaa Kristaanaa dubbiftaniittu), egaa attamitti akka isaan raawwachaa turan beektu. Isaan dubartoota kana godhan qabu turan, isaan waaqayyittii dubartootaa fi waan garaa garaa qabu turan, isaan amantii itti nama diqisiisan qabu turan. Namni naannawaa Baabiloon jiraatu hunduu gara Baabiliin dhufee, Nimrod jalatti iddoo gimbiin (tower) jirutti humnaan dhaqee akka waaqessuuf dirqisiifama. Hubattanii? Kun sirrii dha. Isaan kana gochuuf in diqisiifamu, mormiin mataa wal cabu. Iddoon sun iddoo namatti bitaacha'uun (confusion) jiru dha.

Waldaan bara har'aas dhugaadhumatti iddoo mataa dhukkubbii ti, “Barumsa Mucoolii hin hirmaattu yoo ta'e, kana hin gootu yoo ta'e, kanaa fi sana akka gootuufan si qacare, ati baduuuf deemta.”

87 Ganama kana Tuuksanii nu dhaggeeffachaa jiru, yeroo tokko na dinqiisee…An yeroo baay'ee, “Iddoo feetan kam iyyuu haa ta'uu, waldaa dhaqaa” jedhee nama dirqisiisaan ture. Yeroo namoonni duubatti wal harkisanii karaa kanaan sokkan nan argan ture. “Rakkoo maaliitu jira?” jedheen yaade.

Gara muraasa isaaniin dhaqe, “Guyyaa jalqaba isin achitti argamatan, isaan isinitti siqanii, 'Miseensa waldaa keenyaa ta'i' isiniin jedhu. Kana hin gootan taanaan, lammata hin simatamtan.” Hubattanii? Hubattanii? Wantichi waan humnaan nama diqisiisani dha, humnaan isin irratti fe'u, hubadhaa, kun immoo Baabilooni dha. Kristos keessa garuu, filannoodhaan dhuftu malee humnaan diqisiifamtanii miti, garaa keessantu garasitti isin dhiiba.

Waaqayyo Maqaa Isaa Baabiloon keessa hin keenye. Amma sirriitti dhaggeeffadhaa. Waaqayyo Maqaa Isaa Baabilonn keessa, waldaalee keessa hin keenye. Oo, isaan Maqaa Isaa achi keessa kaa'an, Inni garuu gonkumaa achi keessa hin keenye. Lakki.

88 Isin, “Ba'eessa egaa amma, Obboleessa koo Branhaam!” in jettu. Turaa, Turaa, amma iyyuu daqiiqaa xiqqoof taa'aa. Yeroo xiqqoo akka itti dabaluuf natti himtanii turtan. Hubachuu hin dandeessanii? Amma qalbeeffadhaa, isaan Maqaa Isaa achi keessa kaa'an, Inni garuu hin keenye.

Amma egaa, Inni, “ Iddoon Ani itti isin arguu fi iddoon Ani aarsaa keessan itti simadhu, iddoo Maqaan Koo akka itti waamamuuf fo'adhe dha. Isin karra, balbala isa Maqaan Koo akka itti waamamuuf fo'adhetti ol seenaa. Iddoo sanatti kottaa” jedhe.

Ba'eessa, isaan, “Inni kun waldaa Kristos” jedhanii waamu. Wanti sirrii hin ta'in tokko illee labsii sana keessa jira taanaan, jecha tokko fudhatee hafa, jechichis, “mormituu (anti)” kan jedhu dha. Uhuhhuu, waan Inni barsiise hundumaa, isaan Isaan walii hin galan. Fariisota ammayyaa'oo.

89 Nuyi garuu iddoo Maqaan Isaa itti waamamu barbaaddachuu qabna, karri banamaan Isa keessa duwwaa jira waan ta'eef. Ameen! Ulfaadhu! Akeekkadhaa! Inni Maqaa Isaa eessa kaa'e? Ilma Isaa keessa kaa'e.

Isin, “Oo, Obboleessa keenya Branhaam, xiqqoo turi mee. Inni Ilma ture malee Abbaa miti” in jettu.

Haala hundumaa keessatti, yeroo hundumaa ilmi maqaa abbaa isaa fudhata. Ani gara biyya lafaa kanaan dhufe maqaa Branhaamiini, sababiin isaa, maqaan abbaa kootii Branhaam ture waan ta'eef.

Yesus, "Ani Maqaa Abbaa Kootiin Nan dhufe, isin garuu Ana hin simanne" jedhe. Kana irratti Caaffata keessaa in barbaaduu? Wangeela Yohaannis 5:43. Hubattanii? "Ani Maqaa Abbaa Kootiin Nan dhufe, isin garuu Ana hin simanne; kan biraa maqaa ofii isaatiin yoo dhufe, isa immoo in simattu" jedhe. Yeroo sanatti Abbaan Maqaa Ofii Isaa, "Yesus" fuudhee Ilma isaa itti moggaase. Inni immoo Karaa dha, Inni Balbala, Inni Mana keenya galgalaa ti, Inni iddoo Waaqayyo Maqaa Isaa itti waamsisuuf fo'ate dha. Waaqayyo gonkumaa Maqaa Isaa ana keessa hin keenye, Inni gonkumaa waldaa keessa Isa hin keenye, Inni gonkumaa Metedidtii, Baaptistii, Kaatolikii keessa Isa hin keenye, garuu Inni Kristos, Amaanu'eel isa Dibame keessa Isa kaa'e.

90 Maqichis Sagalicha keessa jira, sababiin isaa, Inni Sagalicha. Ameen! Yoos Inni maali ree? Sagalichi hiikame mul'achuu Maqaa Waaqayyoo ti. Hin dinqifatinaa. "Abbaa Koo isa Waaqa irra jirutu sitti mul'ise malee, Eenyu akka An ta'e yaadni nama foonii sitti hin mul'ifne. Dhagaa hin sochoone kana irratti iddoo waaqeffannaa Koo nan ijaara, gooftummaan du'aas matumaa isa irratti humna hin godhatu, hin mo'us." Ameen! Oo, yaa jiraataa Waldaa Waaqayyoo, hundee Yesus Kristos duwwaa irra cimaatii dhaabadhaa. Faarfannaa faarfachuu dandeessu, Kristos Sagalicha irra hin jirtan yoo ta'e garuu cirrachaa fi lafa jiidhaa gadi nama fudhatu irra dhaabattanii jirtu. "Dhagaa kana irratti garuu," jechuunis, Kristos irratti, "Sagalee Koo" irratti jechuu Isaa ti.

91 Inni ergaa Luuteraanii ijaare, isaan immoo dameetti isa fofoxxoqsan. Inni guddachaa jira ture, faana ga'e. Achumaanis gara kutaa miillaatti ol guddate, Medistii fi warra kana fakkaatan ta'e. Iddoo Inni Waldaa Isaa itti ijaaretu jira, innis Dubbii Sagalee Isaa ti! Amma egaa, Inni faana miillaa yookiin luqqeettuu miti, Inni guutummaa Dhagnaa ti; ammi immoo yeroo qaama irra keessa mataa (capping part) ti. Piraamiidii keessatti yaadaan qabdanii hubattaniittuu? Amma egaa, amantii piraamiidii hin lallabu.

Macaafni Qulqulluun garuu yeroo jalqabatiif kan barreefame samii gubbaatti, Zoo-…[Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.] Isa kana in yaadattuu? Zoodi'aaqii (urjii lakkaa'uu [zodiac]) keessatti, fakkiin jalqaba irra jiru durba durbummaan jirtu dha. Fakkiin inni dhumaa immoo Le'oo jedhama, innis leenca jechuu dha. Inni jalqaba dubra irraa dhufe, yeroo itti aanutti immoo akka Leenca sanyii Yihudaatti dhufa. Le'oo dura, barri kaansarii, barri qurxummii fannifamtuu, fi baroonni hafan hunduu ni jiru. Utuu yeroo qabaannee isa kana gadi fageenyaan ilaalla turre; mana sagadaa keenyatti bal'inaan in ilaalla.

92 Akkasumas Piraa-…Piraamiidiin hundeewwan sana ta'uudhaan hanga kutaa mootiin jiraatu isa gubbaatti ijaarame. Keenyan isa torbaffaatti utuu ol hin ba'in dura, dursa ibsa gababaatu isiniif godhama, iddoo sanatti ergamaan dhufee gara mootiitti isin geessa. (Kan Mootii wajjin saba wal barsiise Ergamaa Yohaannis Cuuphaa dha), Dhaagaan Golee (Head Stone) garuu in tuffatame, fudhatama dhabe. Isaan Dhagaa Golee hin beekan, Inni eessa akka jiru isaan hin beekan, sababiin isaa inni dhagaa tuffatame dha. Garuu inni dhagaa waan hundumaaf qoobii (cap) ta'ee dha, isatu piraamiidicha guutuu bara waldaa torbanii taasisa. Ayyaana ida'aa, kana ida'aa, sana ida'aa, idaa'amtoota torbatu jiru, inni dhumaa Kristosi. Kana jaalala keessan irratti ida'aa, ayyana keessan irratti ayyaana ida'aa, waan kan biraa irratti ida'aa, waan kan biraa irratti ida'aa deemaatii hamma Kristos isa Dhagaa Golee ta'e bira geessanitti ol deemaa. Inni, "Ana balballi" jedheera.

93 Egaa ilmi tokko yeroo hundumaa maqaa abbaa isaatiin dhufa. Ilmi kam iyyuu maqaa abbaa isaatiin dhufa. Yesusis, "Ani Maqaa Abbaa Kootiin Nan dhufe" jedhe. Yoos Maqaan Abbaa maali? Maqaan Ilmaa hoo maali? Akkasumas Inni, "Yeroo xinnoo booddee biyyi lafaa Na arguu in dhaba, Isin garuu yeroo xinnoo booddee Na argitu" jedhe. Eeyyee, Inni, Yesus innumti sun deebi'ee bifa Hafuura Qulqulluutiin dhufeera. Sababiin isaan, "Yaa Yesus!" jedhanii waaqeffachaa turaniif isa kanaafi. Hubattanii? Hubattanii? Abbaa, Ilmaa fi Hafuurri Qulqulluu: Gooftaa Yesus Kristosi. Kun xumura dubbii ti. "Ani Maqaa Abbaa Kootiin Nan dhufe, isin garuu Ana hin simmanne."

94 Egaa amma, yaadadhaa, Inni asitti itti dabaluudhaanis nu akeekkachiisera, "Kan biraa yoo dhufe," kana jechuun dameen amantii (denomination), labsiin amantii (creed) yoo dhufe jechuu dha. "Isaan maqaa ofii isaaniitiin in dhufu, isaan immoo in simattu. Isin Ana, Sagalicha fuula keessan duratti hojiin Isaatiin dhugaan ba'ameefii mirkaneeffame hin simattan."

Akkuma yeroo sana sirrii ture, Inni har'as sirrii dha. Namoonni guutummaa biyyaa keessa jiratan, inni kun isin hin ba'in! "Kan biraan, waldaan tokko in dhufa, isin immoo isa in amantu, sababiin isaa akka barbaaddan ta'uu dandeessu waan ta'eef. An isaaf dhugaa hin ba'u." Inni matumaa (yeroo kam illee, gonkumaa) Ergaa kennameen alatti waan tokko illee (waldaa kamuu keessatti) dhugaa ba'eefii mirkaneessee (vindicate) hin beeku: kan Luuter qaleelummaa (justification); kan Weslii qulqullummaa (sanctification); kan Pheenxeqoostaalotaa kennawwan Hafuuraa iddootti deebisuu (restoration of gifts) ture. Egasii booda… Battaluma isa keessaa baasanii damee amantii foxxoqsanitti, inni achumatti du'e. Caaffatoota qoraa.

95 Inni garuu, "Ani iddoon Maqaa Koo itti waamsisu Nan fo'adha" jedhe. Maqaichis immoo Yesusi. Yesus

immoo Sagalicha, Yohannis boqnnaa1. Kun sirrii dhaa? Iddoon waaqeffannaa Kristos keessa, Sagalicha keessa. “Ani Maqaa Abbaa Kootiinan dhufe.”

Raajichi, “Maqaan Isaa Amaanu'eel jedhama” jedhee dubbate. Yoo qabachuu barbaaddan kun Maatewos 1:23 irra jira. Yesus Yaahwee (Jehovah), Fayyisaa dha.

Egaa lakkoofsi 5ffaan Inni balbala ta'uu Isaa kan agarsiisu dha. Yeroo ammaatti wantootni dhokatoon hin hiikamin baay'eetu jiru, karri mandaraa (gate) kun, Maqaa, fi iddoon furamee mirakeeneeffamuu kan danda'u, iddoon yoo namni itti Waaqayyoon itti waaqeffate Waaqayyo isa arguu danda'u tokko duwwaa ta'uu isaati, innis yoo namni sun Kristos keessatti waaqeffate duwwaa dha.

Egaa amma, amma gaaffiin jiru, “Attamitti Isa keessatti ol gallaa?” isa jedhu dha. Egaa kun xiqqoo waraanee isin dhukkubsuun isaa hin ollu; garuu, beekaa, akkuma yeroo marfee qorichaa waraannattaniiti, yoo isin hin dhukkubsu ta'e, qorichichi isin hin wal'aanu. Hubattanii?

96 Egaa warri Luuteraanii karaa tokkoon ol galuu barbaadu, innis miseensa waldaa Luuteraanii ta'uudhaan. Warri Metedistii iyyuudhaan ol itti galuu barbaadu. Warri Pheenxeqoostaalii afaan haaraa haasa'uudhaan ol itti galuu barbaadu. Garuu amma iyyuu kun karicha miti! Hubattanii? Lakki, inni kun kennaa hafuuraa ti, kanneen biros akkasuma. Qorontos Isa Duraa12 keessatti garuu, “Hafuura tokkoon” jedha. Hafuurri Waaqayyoo isa Sagalichatti (Sanyichatti) Lubbuu horu (Life-giver) dha, kunis Sanyichi waqtii sanaaf akka ta'e dhugaa kan ba'u dha. Hubattanii?

Kunoo sanyiin bara Metedistii achi lafarra jira, sanyiin sun gara lubbuun jiraachuutti akka dhufuu fi akka qulqullaa'uuf Hafuura Qulqulluu itti fudhate, Inni qulqullaa'ummaadhaa waldaa qulqulleesse; Luuter sana hin lallabne, sababiin isaa inni isa kana hin beeku ture. Warri Pheenxeqoostaalii kennawwan iddootti deebisuuf afaan haaraa dubbachuu barbaadan. Tokkoo tokkoo isaanii, “Inni dhugaan Isa kana! Inni dhugaan Isa kana!” jedhanii labsan. Hubattanii?

97 “Hundumti keenya Hafuura tokkoon gara Dhagna tokko ta'uutti cuuphamneerra,” Dhagni sun immoo maatii tokko, maatii Waaqayyoo. Innis immoo mana Waaqayyoo ti, manni Waaqayyoo immoo Maqaa Yesus Kristosii ti. “Maqaan Waaqayyoo gimbii jabaa dha, namni qajeelaan gara Isaatti baqatee in oola.”

Egaa amma, isin attamitti maqaa kabajaatiin (title) ol seenuuf deemtu? Cheekiin keessa, “Ajaja kaffaltii Reverandiif (Reverand), Dokteeriif, Ministeeraaf” jedhamee yoo barreefame, baankiin attamitti isinif kaffaluu danda'a? Hubattanii? Hubattanii? Isin tarii dokteera, reverendii, ministeera ta'uu dandeessu. Maqaan Gooftaa garuu “Yesus Kristosi.” Hubattanii?

“Maqaan Koo akka itti waamamuuf balbala mana waaqeffannaa Kootii fo'adheera, maatiin Koo Dhiigicha jalatti iddoo sana keessatti walitti haa qabama; akkuma biyya Gibxiitti ta'e, wanti manichaa ala jiru hunduu du'eera. Achi keessa buddeenni raacitii qabu hin jiru! Makaan damee amantumma Isa keessa eessa iyyuu hin jiru, mana Kooti! Ijoolleen koo sanyii dhiiga (genes) Kootiin dhalatan!” Ameen! Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! “Sanyiin dhiiga (genes) Kootii isaan keessa jira! Ani Dubbii Sagalee Koo isaan keessa Nan kaa'a. Gabatee garaa isaan irratti Isa Nan caafa. Isaan maatii Koo ti, maatii Dhagna Yesus Kristosi; maatii tokko. Balballi isin ittiin ol galtuuf jirtan kun, Metedistii miti, Baaptistii miti, Pheenxeqoostaalii miti, balbala iddoo Ani Maqaa Koo irra kaa'ee ti malee.” Inni Metedistii miti. Maqaan Waaqayyoo Metedistii miti. Maqaan Waaqayyoo Pheenxeqoostaalii miti. Maqaan Waaqayyoo Baaptistii miti. Maqaan Waaqayyoo Kaatolikii miti. Erga akkas ta'ee balbaloota kannee irraa fagaadhaa. Hubattanii? Hubattanii? Hubattanii?

98 “Iddoon Maqaan Koo akka itti waamamuuf fo'adhutti garuu.” Egaa amma, Macaafa Qulqulluu keessaa Yesus Kristosiin ala iddoon Waaqayyo Maqaa Ofii Isaa itti waamsise hin jiru, Inni Ilma Waaqayyoo waan ta'eef Maqaa Waaqayyoo fudhate, Inni Maqaa namaa Waaqayyo qabudhas. “Yesus Kristos duwwaadhaan malee, maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta'u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne.” Metedistii, Baaptistii, Presbaayiteeriyaanii, kaatechiziimii (catechism), yookiis waan gochuu barbaaddan kam irraa iyyuu ana dhimma hin qabu; iddoon namni hunduu jilbeenfatuu fi iddoon arrabni nama hundaa Gooftummaa Isaa itti beeksus, Maqaa Yesus Kristos keessaan duwwaa dha. Akkaataan isin ol itti seenuu dandeessan jira.

Isin karaa sirrii erga cuuphamtanii booda Sagalicha amanuu yoo diddan, isin ijoollee seera gaa'eelaan ala dhalatte (illegitimate) dha; dhaloonni keessan sirrii hin turre. Isatti amaneera jettanii dubbattan yeroo sana, Isa immoo in haaltu.

An attamittan maatii koo haala? Yeroo…Chaarles Branhaam abbaa koo ta'uu isaa attamittan haaluu danda'a? Qorannoon dhiigaa balbalarra jiru kan isaa ta'uu koo mirkaneessa. Uhihhuu.

99 Hojii koo fi mul'inni dhuga ba'umsa Sagalee Waaqayyoo jireenya koo keessa jiru, mucaa Waaqayyoo ta'uu koo fi ta'uu dhabuu koo in agarsiisa. Egaa amma, tokkichi iddoo Waaqayyoo jira. Isa hubattanii? Iddoon tokkichi waaqayyo aarsaa keessan itti simatu (hamma nama qajeelummaatti jiraatu ta'uu keessanittii an dhimma hin qabu) Yesus Kristos keessa.

Ammoo yaadadhaa… Isin, "Ba'eessa, anis ol seeneera jedhee amaneera" in jettu. Yaadadhaa, Macaafni Qulqulluun kan jedhu…Isin, "Ba'eessa, Macaafni Qulqulluun, 'Yesus Kristos Ilma Waaqayyoo ta'uu namni amanu hunduu fayyeera, sichis in fayya' jedha" jettu.

Inni sirriidha akka jedha, garuu yaadadhaa akkasumas immoo, "Eenyu illee Hafuura Qulqulluutiin yoo ta'e malee, Yesus Kristos waamuu hin danda'u" jedhamee caafameera. Hubattanii? Isin tarii, "Inni jira" jettu ta'a, garuu amma Hafuurri Qulqulluun inni Isuma ta'e, Inni Sagalichatti Lubbuu jiraatu godhu ilma Waaqayyoo ta'uu keessan dhugaa ba'ee mirkaneessuutti, Inni hin jiru. Kun Caaffata Qulqull'aa dha.

100 "Iddoo Maqaan Koo akka itti waamamuuf Ani fo'adhu. Karra kan biraa kam kessatti illee Ana hin waaqessinaa, karra isan Maqaa Koo itti waamsisutti garuu Na waaqeffadhaa; yoos isin Nan simadha, isin maatii Koo keessa jirtu."

Egaa amma, maatiin Waaqayyoo ajaja Abbaa maatii in dhaga'a. "Inni Angafa Nagaa, Waaqayyo-jabaa, Abbaa bara baraa, humni mootummaa Isaa gatiittii Isaa irra jira; guddinni mootummaa Isaatii fi guddinni nagaa Isaatiis dhuma hin qabu." Bulchaa, Mootii, Amaanu'eel, isa Jalqabaa, isa Dhumaa, Angafa Nagaa, Waaqayyo-jabaa fi Abbaa bara baraa ta'uu Isaatiif ijoolleen Isaa hunduu Dubbii Sagalee Isaa hundumaa hojiitti hiikuufa abboomamuu qabu, sababiin isaa, isaan kutaa qaama Isaa waan ta'aniif.

101 Nuyi mana keenya keessa akka Branhaam jiraatutti jiraanna. Isin mana keessan keessa kan jiraattan, Jooneesfaa akka Joones jiraattutti jiraatu.

Mana Waaqayyoo keessas Sagalee Waaqayyootiin jiraanna, Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan jiraanna; waan kan biraa, of bokoksuu, nuyi gara isaa hin dhaggeeffannu. Hubattanii? "Bara waldaa hundumaatti maxinoo nyaadhaa, akkuma Isa amma An isiniif kennuu kan in nyaattu." Garuu duuba deebitanii isa sana fuutanii Kanatti hin waraaninaa (inject), sababiin isaa, inni hoffaa ta'eera. "Lafee fi nyaata aarsaa irraa hafee nama jalaa deebi'u (left oner) walitti qabii gubi!" Badeera, barri waldaa sun du'eera, inni sokkeera; nuyi amma bara kan biraa keessa jirra. Ameen!

"Iddoo Maqaan Koo akka itti waamamuuf Ani fo'adhu." Oo, yaa anaa! Qarontos Isa Duraa boqonnaa 12.

102 Efesoon 4:30 qalbeeffadhaa.

Hafuura Waaqayyoo isa qulqulluu, isa…hamma…(haarmsa (revival) itti aanuuttii?)… mallatteeffamtan hin gaddisiisinaa!

Hafuura Waaqayyoo isa qulqulluu, isa hamma guyyaa fayyinaatti (the day of redemption) ittiin mallatteeffamtan hin gaddisiisinaa!

Amma qalbeeffadhaa. Mee isa fuunee Caaffata barnoota keenyaa irratti haa hojjechiifnu. Sana booda yoo galle waayya; namoota baay'een dadhabsiisaa jira jedheen yaada. Hubattanii? [Namni ta'e tokko, "Lakki, Obbolessa keenya Branhaam, nu hin dadhabsine" jedhe.] As ilaalaa, ka'anii mana deemaa jiru, hubadhaa, isaan kaan galanii laaqana qopheessuu, kaan immoo namni beellama isaan wajjin qaban eega jira ta'a. Isaan yeroo dheeraa hanga kana, guyyaa guutuu addana dhufanii dhaggeeffachaa akka oolanitti hin eegne. Hubattanii? Garuu, ilaalaa, akkuma isin beektan…

103 [Obboleessi Been Briyaant waan ta'e jedhe.] Been, Oo, si irratti hojjechuutu narra ture! Ebbifami! Obboleessa keenya Been, galatoomi. Obboleessa Been, sin jaalladha.

Dhiphina gurbaan sun lola sana keessatti arge utuu beektanii; inni xiyyitiin dha'amee gargar faca'e, waan baay'ees ta'e. Jireenya waan hundumaa qaba ture, Waaqayyo garuu isa eebbise. Inni dhugaa qabatee jiraate. Haati manaasaa isa dhiiftee manaa baatee nama kan biraatti heerumte, ijoollee isaas jalaa fudhatte. Oo, yaa anaa, amma waa'ee gocha sanaa yaadachuu hin barbaadu.

Garuu, hundumaafuu, Been, Waaqayyo si haa eebbisu.

Inni amma funaantuu baarudaa (shrapnel) guutummaatti narvii isaa dhiibaa jiranii fi kannee biroo hundumaa wajjin ciisaa jira. Battala…Hubadhaa, duubni Been maal akka ture beekuu qabdu. Waaqayyo gurbaa sana haa eebbisu. Eeyyee.

…isa hamma guyyaa fayyinaatti ittiin mallatteeffamtan…

104 Qalbeeffadhaa! Kun xiqqoo waan nama waraanu dha, garuu qalbeeffadhaa. Ana hin jibbinaa. Callisaatii yaadadhaa.

Israa'eloonni yeroo al tokko balbala sana irra ilaalanitti, dhiiga balbala irra jiru, maqaa (dhiiga, lubbuu) balbalicha irra jiru arganii dhiigicha jalaan ol seenan, isaan hamma guyyaa gaafa biyya Gibxiitii ba'aniitti, deebi'anii gadi hin baane.

Ol seentaniittu, kana booda hamma guyyaan itti furamtanii baatan ga'utti, gadi baatanii Hafuura

Waaqayyoo isa qulqulluu hin gaddisiisinaa!

Beektuu, Macaafni Qulqulluun yeroo hundumaa sirrii dha. Inni Sagalee Isa keessa kaa'a, Isa keessaa baaftanii iddoo Inni deemu geessuudhaan guutummaa fakkii furamuu hojjecuutu isin irraa eegama. Hubattanii? Hubattanii?

Hafuura Waaqayyoo isa qulqulluu, isa hamma guyyaa fayyinaatti (the day of redemption) ittiin mallatteeffamtan hin gaddisiisinaa! (Hamma furamtanitti.)

105 Isin achi keessatti mallatteeffamtaniittu, isin Dhiigicha jala jirtu. Kana booda achi keessaa hin baatan. Erga akka ta'ee isin maali ree? Isin ilmaan Waaqayyoo warra maatii Waaqayyoo keessatti Hafuura Qulqulluun mallatteeffamani dha. Seexexanni yoo isin argachuu barbaade iyyuu isin hin argatu; maaliif jennaan, isin duutaniittu, qaamni keessan abbaan manaa keessan durii du'eera; isin awwaalamtaniittus, jireeny keessan karaa Kristos Waaqayyoon keessa dhokfameera, Hafuura Qulqulluudhaanis mallatteeffamtaniittu. Hubattanii? Ulfaadhu! Amma isa kana nan dhiisaa; isin waa'ee waanan dubbachaa jiruu beeknaan ga'aa dha.

106 Sana booda isin uumama haaraa dha, kan damee amantii utuu hin ta'in kan Sagalichaa ti. Isin uumama Sagalichaa ti. Sababiin isaa, ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo jedhamtanii yaadaan Isaatiin qabamtanii, dhagaan bu'uuraa keessan kan kaa'e uumamuu biyya lafaatiin dura waan ta'eef.

Dhagaa bu'uuraa kaa'ame kana irratti, tokkoo tokkoon baraa keessatti Sagalichi guddataa ol adeemee in mirkanaa'a, innis immoo akkaataadhuma Yesus inni Dhagaa Qadaadduu Guutuu Manaa (Capstone) dhagaa hundumaa ta'e hojjete in hojjeta. Isa keessa baroota hundumaatu ture. Yesus keessa Museen tureera. Yesus keessa Daawit tureera. Yesus keessa raajonni turaniiru. Kun sirrii dhaa? Mee Yooseef ilaalaa, haa du'uuf boolla keessatti gadi darbatame, achi keessaas in baafame, meetii soddomatti gurguramee harka warra Fara'oonitti kenname. Ilaalaa, dhugaadhumatti, Yesus…Yoseef Yesus keessa ture.

Inni yeroo dhufe, fiixa ba'iinsa (fullness) moototaa ture, fiixa ba'iinsa raajotaa ture (haaleluyyaa), guutummaan waaqayyummaa namummaa Isaa keessa boqote. Inni Misirroo tokko, Siidaa Fakkaattii Dhugaa (Masterpiece) tokko furee baasuuf dhufe. Siidaa Fakkaattii Dhugaa Seexanaan…jedhu sana furuuf dhufe.

Yeroo inni, "Barri dinqiin itti hojjetamu darbeera. Wantoonni ati waa'ee isaanii dubbaachaa jirtu kun cirumaa hin jiran" jedhutti,

"Seexana nana, ija koo duraa turi." Hubattanii? Hubadhaa, Siidaan Fakkaattii Dhugaa tokko dhaabatee eegumsa gochaafii jira.

107 Yeroo tokko tokko Dhagaan Qadaadduu Guutuu Manaa (Capstone), dhagaa hundumaa mataa Inni ta'e deebi'ee Misirrottii gara Ofii Isaatti in fudhata; maaliif jennaan, dubartiin dhagna dhiiraa irraa fuudhamti, dubartiin gar tokkee qaama dhiiraa ti. Sanyiin (genes) dhiiraa hunduu dubartii keessa jira, wanti dubartii uumu sanyicha. Sagaleen Waaqayyoos akkaataadhuma kanaan Waldattii keessa jira, wanti Waldaa Misirrottii godhu Sagalicha. Wanti Waldaa Misirrottii godhu dhaabbata damee amantii (denomination) miti, isaan hundumti isaanii kan Seexanaa ti. Namoota achi keessa jiraniin jechaa akkan hin jirre naaf hubadhaa; isaan namoota miskiina waan itti himan fudhatanii dha, akkuma Yesus jedhe, "Jaamaatu jaamaa harkisa, karaa itti agarsiisa." Innis waamee achi keessaa isaan hin baafne.

Isaan, "Maaliif, ati isa sagaagalummaan dhalatte mitii! Addana akka dhuftuuf eenyutu sitti hime? Mana barumsaa kamitu, seminarii kamtu beekamtii siif kenne?" Isaan jedhan. Ittuma fufaniis, "Nuyi Musee qabna. Nuyi…" jedhan.

Inni, "Utuu Musee beektanii, silaa Anas in beektu turtan"isaaniin jedhe.

Sababiin isaa, Museen macaafota isaa arfan keessatti, "Waaqayyo Gooftaan keessan Kennituu (Giver) Sagalichaa, raajii akka kootii isiniif in kaasa, namni raajii sana hin dhageenye saba isaa keessaa baafamee jireenyi isaa haa balleeffamu" jedhee caafeera. Wanti achi keessa jiru hunduu Isaan kan wal qabtu dha. Yesus maali? Sagalee dha. Salalichi maali? Raacitii hafe tokko illee hambiftee…Raacitii tokko illee Isa keessa hin buusin kan jedhu dha. Labsii amantii (creed) kam illee, dhaabbata damee amantii kam illee Isatti hin dabalin, maaliif jennaan inni achumatti faalameera, aarsaan keessan raawwateera.

108 Mee amma haa ariifannu, galtanii laaqana akka nyaattaniif sirriitti haa ariifannu.

Qalbeeffadhaa! Amma egaa, yoo kana gootan isin ilma Waaqayyoo ti, mana Waaqayyoo keessatti isin dinagdee Waaqayyoo keessaa tokko. Roomaa 8:1, "Egaa amma firdiin warra Yesus Kristos keessa jiranitti faradamu tokko illee hin jiru." Maaliif jennaan, isaan biyya lafaattii du'anii Isa keessa jiraachaa jiru, yeroo ammaa kana keessa jiraachuun isaanii Sagalee Waaqayyo isaanii dubbachaa ture isaan taasisa, yookiis Inni duraan dursee isaan muuduudhaan maqaa isaanii Macaafa Misirrottii irratti caafe. Bishaanichi

yummuu sanyicha isa onnee (laphee, garaa) keessa jirutti dhangala'uttis, sanyicha gara Misirroo Kristositti in guddisa. Oo, yaa anaa! Inni dhugaadhumatti akka ta'uu qabutti guutuu (perfect) in ta'a. Baroota hundumaa keessatti, inni haaluma kanaan ta'aa ture.

109 Warri Luuteraanii barsiisa qajeelummaa jalatti, miilla ta'anii, akka sanatti isa guddisan; Wesliin immoo qajeelummaa jalatti akkuma kana ture. Warri Pheenxeqoostaalii hojii fi gochaa, fi waan kana fakkaataniin irree jala turan, isaan kun Kalviinistoota (Calvinists) ta'uu malanii…yookiis Armiiniyaanii (Arminian) ta'uu malu, leegaalistoota (legalists) ta'uu malu. Amma garuu nuyi gara mataatti dhufneerra, gara qadaadduu guutuu manaa (capstone) tti dhufneerra. Qadaadduun guutuu manaa (capstone), “Ayyaana! Ayyaana!” jedhee iyye.

Dhagaan golee (headstone) maal jedhee iyyaa jira? “Ayyaanni! Ayyaanni!” du'aa fi labsii seera waldaa (creed) bira dabrtee, Sagalee Waaqayyo isa jiraataatti galteetti. Akeekni tokkichi Waaqayyo bara Isaatiif qopheesse, akkuma qaanqeen ibiddaa yeroo waan tokko irra bu'u utaalchisee want asana jiraachisuutti, ilmaan Isaa bara Sagalee keessa jiran Hafuuraan dammaqsee (quickened) in jiraachisa; amma iyyuu iddoo waaqa irraa irra taa'aanii jiru (henna ammaa keessa (in present tense)), duraan dursanii abdii Sagalee keessa jiru hundumaaf bitamanii jiraachaa jiru. Erga akkas ta'ee inni maal hojjeta? Isin qaama sanyii (gene) Waaqayyoo, qaama Sagalichaa ta'uudhaan, namoonni kan biroonis qaama Sagalee Waaqayyoo ta'uudhaan, wal faana taa'uudhaan guutummaa Dhagna Kristos bakkeetti baaftanii in mul'iftu, sababiin isaa, raacitiin isin gidduu hin jiru waan ta'eef. (Obboleessa koo Braawun, waan Inni dubbachaa jiru hubachaa jirtaa?) Raacitiin isin gidduu hin jiru, isin Sagalicha duwwaa dha, isin iddoo waaqa irraa irra, balbala iddoo Inni Maqaa Isaa itti waamsise: Yesus Kristos keessa teessaanii jirtu.

110 Raacitiin isin keessaa dhabamuun, guutummaa namummaa waaqayyummaa isin gidduutti fida. Kana immoo bara Luuteriitti gochuu hin dandeenye; bara Wesliitti gochuu hin dandeenye; bara Pheenxeqoostaaliitti gochuu hin dandeenye; guyyaa Ilmi namaa bakkeetti baafamee mul'ifamutti, yookiis mul'atutti garuu, Inni guutummaa Waaqayyummaa Waaqayyo (Deity Of God) saba Isaa gidduudhaa qabuu wajjin Waldaa deebisee walitti in qaba; Inni milikkitoota kanaan dura mul'ise in agarsiisa, Inni akkuma isa yeroo lafarratti bifa Raajiis-Waaqayyos (a Prophet-God) ta'ee Of mul'see (manifested) tureetti, Ofii Isaa mul'isuudhaan kana in raawwata. Oo! Ulfaadhu! Kun Miilkiyaas boqonnaa 4 keessatti abdachiifame, Caaffatoota hafan baay'ee keessattis abdachiifameera. Isin eessatti waaqeffattu? Mana Waaqayyoo isa waaqarra taa'aa jiru (henna ammaa (present tense) dha).

111 Amma, nan ariifadha, mee amma dhugaatti ariifannee haa ilaallu, sana naannoo…tti in deemna. Yoo Gooftaan jedhe daqiiqaa kudhan keessatti fixnee deemna.

Amma egaa, mee namoota bara isaanii keessa gara mana Waaqayyoo kanatti jiraachifaman (quickened) muraasa haa ilaallu.

Henok! (Hamma sanatti yoo naaf dadhabdan, daqiiqaa kudhan keessatti in deemna.) Henok bara isaa keessa Sagalee Waaqayyoo lubbuun jiraataa ture dha, inni raajii ture.

Raajiin caliqqisiiftuu Waaqayyoo ti. Isa kana nama meeqatu beeka? Calqqisiiftuun ofii isaa hin calaqqisiisu, calaqqisiiftuun wanta calaqqisu sana miti. Wanti tokko calaqqisuuf, calaqqifuu irra bu'uu qaba. Kanaafuu raajiin qodaa (vessel) Waaqayyo fo'ate isa waan kan biraa tokko illee hin calaqqisiifne, garuu immoo isa kallattiidhaan sarara wanta calaqqisuu, sarara Waaqayyoo irraa utuu hin maqin fakkaattii Kristos, Sagalicha calaqqisiisu dha. Hubadhaa, isa malee homtinuu kana gochuu hin danda'u. Isin calaqqisiiftuu dha, sababa kanaaf raajichi macaaficha akka nyaatu taasifame. Sababa kanaaf raajichi macaafa maramu sana akka nyaatu ta'e. Inni Sagalicha bara isaatiif calaqqisuu qaba. Isinii galee?

112 Henokiin qalbeeffadhaa, inni gaadidduu guutumaatti caliqqisiiftuu Waaqayyoo ture dha. Yeroo inni karaa Waaqayyoo irra jiraatetti, Waaqayyo isa fudhate, Waaqayyo ol isa butate. Makaaniksiin inni calaqqisiisaa ture Hafuuraan daayinaamiksii ta'ee, ol isa fuudhate.

Bara Eliyaasis akkauma ture. Eliyaas, lafeen isaa illee utuu hin hafin Isa calaqqisiisaa ture, iddoo calaqqisni sun…Calaqqisiiftuun Waaqayyoo dhagna isaa keessa jirachuudhaan Sagaleen Waaqayyoo bakkeetti baafamee mul'ifame. Isaan nama du'e fidanii lafee isaa irra ciibsinaan, namni du'e sun dammaqee jireenyatti deebi'e. Hamma Misirroo Kristos taanetti, nuyi foonii Isaa fi lafee Isaa ti. Isa kana in amantuu? Ba'eessa. Inni nuyiif du'e, nuyi immoo ofii keenyaaf duunee Maqaa Isaatti awwaalamne, kunis, “kana booda kan biyya lafaa utuu hin ta'in Isa keessa,” akka taanuufi, maaliif jennaan, maatiin Waaqarraa lamaanuu Maqaa Yesus Kristosiin waamamu. Inni kun Efesoon 1:21 irra jira. Maatiin Waaqarraa lachuu…maatii Waaqarraa ti. Maatiin Waaqarraa maalitti moggaafaman? Yesusitti moggaafaman. Maatiin lafarraa maalitti moggaafaman? Ba'eessa, inni mana Waaqayyoo iddoo Dhiigichi jiru dha. Sirrii mitii? Inni balbala, inni karra, inni iddoo Inni Maqaa Isaa kaa'e dha, Sagalichis foon uffatee nu gidduu buufate. Inni Sagalee calaqqisaa jiruu fi bara isin keessa jiraachaa jirtan gara jireenyaatti dammaqsaa jiru dha. Wanti Inni ture isa kana, wanti Museen ture isa kana, wanti Yaaqoob ture isa kana, wanti warri hafan hunduu turan isa kana, isaan qaanqee Sagalee Waaqayyoo irraa boba'e turan, isaan calaqqisiiftuu Waaqayyo Ofii Isaa ittii calaqqisiisu dha. Gara guutummaa fakkaattii Waaqayyoo isa ta'eetti yoo dhufnu, Yesus Kristosiin

arganna, Inni Siidaa Fakkaattii Dhugaa Waaqayyoo (God's Masterpiece) ti; hundumti isaanii Misirrottii ta'anii haa calaqqisiisaniif dha'ame.

113 Museen Isa keessa ture. Iyyaasuun Isa keessa ture. Isinis isa keessa jirtu yoo taatan, uumamuu biyya lafaatiin dura Isa keessa turtan, maatii Waaqayyoo turtan; Isaa wajjin dhiphifamtan, Isaa wajjin duutan, Isaa wajjin gara fannoo deemtan, Isaa wajjin du'aa kaafamtan; ammas immoo Isaa wajjin jirtu, Isaa wajjin Waaqarra jiraachaa jirtu, Ergaa bara kanaa biyya lafaatti calaqqisiisaa jirtu, Ifa biyya lafaa ti. “Isin Ifa biyya lafaa ti,” garuu guuboo damee amantiitiin yoo dhokfame, isaan attamitti Isa arguu danda'u? Barsiisa namaatiin Ificha busheessitu'oo! Isin warri dhaabbata damee amantii, waldaa keessan irraa Ificha dhowwaa jirtu; ofii keessanii ol hin galtan, isaanis ol hin galchitan. Ameen.

Mee asumattin dhaaba. Yaa anaa, baa'een of harkaa qaba. Utuu itti fufuu dandeenyee illee…Oo, yaa anaa! Daqiiqaa shan qabna.

114 Balbalichi eenyu akka ta'e hubattanii? Waaqayyo Maqaa Isaa eessa kaa'e? Yesus keessa kaa'e. Maqaa Isaa keessa attamittiin seentu? Attamitti achi keessa seentu? Achi keessatti cuuphamuudhaan! Attamitti? Bishaaniinii? Hafuuraani! “Gooftaan tokko, amantiin tokko, cuuphaan tokko.” Cuuphichi cuuphaa Hafuura Qulqulluu ti.

Cuuphaan bishaanii tokkummaa sabaa keessa isin kaa'a, sanaanis Kristosiin fudhachuu keessan of irratti in bartu. Kun Dhugaa dha. Garuu murteessaan cuuphaa Hafuuraa ti. An Maqaa Yesus isin irratti waamee isin cuuphuun danda'a, kun immoo Hafuuraan cuuphamuu keessan ta'uu hin danda'u.

Garuu Hafuurri Qulqulluun al tokko dhugaatti yummuu…Sagaleen dhugaa yummuu keessan keessan dhufutti (Sagalichi, Kristos), sana booda, obboleessaa, Ergichi dhoksaa sitti hin ta'u; Obboleessaa, ati Isa in barta, Inni guutummaatti si duratti in ifa. Haaleluyyaa! Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Ameen!

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha

Sababiin isaa Inni dursa na jaallate,

Fayyina lubbuu koos naaf bite.

Yaa Waaqayyo jaallatama, saba kana akka fayyiftuuf Si nan kadhadha, yaa Gooftaa, tokkoon tokkoo isanii fayya qabeeyyii taasisi. Maqaa Yesus Kristosin. Ameen.

Oo! Jaalalaa! Oo!

Ergasii, amantiidhaan burqicha nan arge

Isa madaa Kee irraa dhangala'u, (Siidaa Fakkaatti Dhugaa irraa isa dhangala'u)

Jaallalli furii barruu dhaadannoo koo ta'eera.

115 Attamitti…dandeessu? Waaqayyo jaalala. “Namni Waaqayyoon jaallatu,” jaalala hoodaa, jaalala qulqulluu malee jaalala xuraawaa hin jaallatin; jaalala xurii hin qabne, jaalala hin boorofne, jaalala qulqulluu, jaalalli Waaqayyoo jaalala Sagalichaa ti. “Akkan Si hin yakkineef Dubbii Sagalee kee garaa koo keessa kaa'adheera.” Oo, yaa anaa, Daawit akkas jedhee boo'e. Inni dinqisiisaa mitii? Isa in jaallattuu?

Egaa amma, karaan tokko jira, karaa hin boorofne karaan qulqulluu tokkotu jira, iddoo wal ga'ii Waaqayyo itti isin argu tokkichatu jira. Sababii isin, “Yaa Waaqayyo, egaa amma, ani Metedidtii gaarii dha. Ani Baaptistii gaarii dha. Ani Pheenxeqoostaalii gaarii dha” jettaniif miti. Lakki! Sababa Sagalee isa ta'e Yesus keessa jirtaniif malee, kutaa qaama Sagalichaa isa guyyaa har'aatiif bakkeetti baafamee mul'ifamaa jiruu, Ergaa bara kanaatiif malee; isa kan Luuter miti, isa kan Weslii miti, kan Pheenxeqoostaalii miti; Yesus keessan, calaqqee isa gara kanatti ol dhufe dha malee. Achitti dubba deebi'uu hin dandeessan, achitti deebi'uun Buddeen keessan qulqulluuttu raacitii dabaluu dha, Buddeenichis, “Namni Dubbii Sagalee afaan Waaqayyoo keessaa, waqtii Isaatti ba'u hundumaan jiraata” isa jedhu dha.

116 Yaa Gooftaa Yesus, yaa Dhagaa golee jabaa dafii kottu. Awwaara warra Luuteranii dur wareegama keessatti du'anii is agama sana ciisee jiru ilaali; gara warra Metedidtii sanaa ilaali.

Warri Pheenxeqoostaalii sunii fi warri isaan fakkaatan, amma ol guddachaa jiru, waarri taliila dhugaa isaan keessaa ba'aniiru.

Isin warri Assembiliis oof Good (Assembilies of God) baatanii jaarmiyooftan, yeroo Waaqayyoo waan hundumaa keessaa isin baasetti, akkuma booyyee dhoqqee keessanitti deebitanii hallattan.

Isini warri Waannes Yuunaayitid (Oneness United), warri J.C durii…Phenxeqoostaal Assembiliis oof Jiises Kraayist (Pentecostal Assemblies of Jesus Christ.) Sababa qoqqooddaa sanyiitiif jettanii isa tokko warra gurraachaaf adda baaftan. Isin warri sana gootan, booda lamaanuu walitti dabaltanii “Yuunaayitid (United)” jettanii of waamtan. Erga jaarmiyaa taatanii bood, “Akkuma saree diddigatti deebi'aa” jettanii

warra Assembiliitti duttan. Diddigni jalqabatti saree yoo dhukkubsachiise, lammatatti isa hin dhukkubsachiisuu? Nyaata keessan dhaabbata damee amantii irraa gara Dubbii Sagalee Waaqayyoo ti jijjiirradhaatii Kristos wajjin jiraadhaa. Leeyyaasifataniittu!

Abbaan qaba gama sanaa,

Abbaan qaba gama sanaa,

Abbaan qaba gama sanaa,

Qarqara galaana kan biraatti.

Guyyaa ifu tokko deemee Isa nan arga,

Guyyaa ifu tokko deemee Isa nan arga,

Guyyaa ifu tokko deemee Isa nan arga,

Qarqara galaana kan biraatti.

Oo, wal ga'ii gammachiisaa ta'a mitii,

Wal ga'ii…ta'a mitii (Sagaleen gara Sagalee deema!),

(Yeroo Misirrottiin ol baatu, guutummaa Sagaleetiin.)…ta'a mitii,

Qarqara galaana kan biraatti.

Oo, tarii guyyaan ifaasun bor ta'innaa,

Tarii guyyaan ifaasun bor ta'innaa,

Tarii guyyaan ifaasun bor ta'innaa,

Qarqara galaana kan biraatti.

Ati, "Obboleessa Branhaam, garaa keerraa jettee?" jechaa jirta.

117 Eyyee, obbo! Warri Luuteraanii bara Luuter keessaa, warri Metedistii bara Weslii keessaa, warri Pheenxeqoostaalii bara isaanii keessaa (isaan amantoota dhugaa turan malee warra damee amantii hin turre); warri Pheenxeqoostaalii, warri raacitii itti dabalan (raacitichis dhaabbata damee amantii isaan hundeessani dha), in du'an. Garuu Sagalee dhugaan kun deemsa ittuma fufe, hubadhaa. Akkuma isa Yesus jedhee ti, innis, "Guyyaa santti, Ani Abbaa keessa, Abbaanis Ana keessa; Ani isin keessa, isinis Ana keessa akka jirtan in bartu" jedhe. Inni guutummaa Sagalichaa ti!

Oo, wal ga'ii gammachiisaa ta'a mit-…(Yeroo ilmaan Isaa balbala Isaatti walitti qabamanitti)

Walga'ii gammachiisaa…

Qarqara galaana kan biraatti

Wal ga'ii gammachiisaa ta'a mitii,

Qarqara galaana kan biraatti.

118 Amma egaa nuyi waldaa barsiisaa jirra. Garuu, yaadadhaa, yummuu asii deemtan, ammumaa kaasaatii qola keessaa ba'uu jalqabaa; isin gara ija midhaaniitti seenaa jirtu, garuu Fuula (Presence) Ilmichaa duratti dhi'aadhaa. Waanan isiniin jedhetti hin dabalinaa; waanan isiniin jedhe irraa hin hir'isinaa. Sababiin isaa, hamman beekuttu waan Dhugaan dubbadhe, akka Abbaan natti kennettin dubbadhe. Hubattanii? Isatti hin dabalinaa, dhugaatti waanan dubbadhe dubbadhaa.

Dubbichis, namoonni Gooftaa Yesus akka barbaadattaniif isaanitti himaa kan jedhu dha. Yeroo sanattis isinumti mataan keessan Fuula Isaa duratti gadi jedhaatii, "Yaa Gooftaa Yesus, yaa Ilma Waaqayyoo, Si nan jaalladha. Yaa Gooftaa, garaa koo (onnee koo) naaf laaffisi. Waan xuraa'aa fi waan biyya lafaa narraa fuudhii fageessi, anis biyya lafaa amma jirtu kana keessaa jireenya qulqulluu akkan jiraadhuuf" jedhaatii jaalala Isaa wajjin uumaa.

Mataa keenya gadi qabannee haa kadhannu. Nama kadhannaadhaan nuuf xumuru arganneerraa? Moo, yoos anumti nan kadhadha. Dhugaatti qulqulluu ta'aa.

119 Yaa Waaqayyo jaallatama, nyaata hafuuraa waan sooranneef Si galateeffanna. Yaa Gooftaa, vitaaminiin Sagalichaa ilmaan Waaqayyoo waan guddisuu Si galateeffanna. Inni amala kan biraa akka garsiisaniif dhiibbaa hin godhu, amala ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo akka agarsiisaniif malee. Kanaafuu, Isaaf Si galateeffanna. Akkasumas Si galateeffachuu duwwaa utuu hin ta'in, nuyi duwwaan akka Si hin

galateeffanneef, waarri kaanis akka itti afeerrutti akka nu gargaartuuf Si kadhanna. Isa nu soorteef Si galateeffanna, garuu humna jabaannee namoonni gara Waaqayyo keenya amanuuttu akka dhufaniif amansiisuu (jaalalaan) akka dandeenyuuf nu gargaari; warra karaarraa goran, warra yakkan, dubartoota, dhiirota, ijoollee dhiirotaa, ijoollee shamarranii, bara kana keessa jiran akka amansiifnuuf nu gargaari.

Yaa Gooftaa, dhukkuba sammuu, bara naasisaa namoonni keessa jiraachaa jiran ilaali, inni gara sammuu dhabuutti isaan geessaa jira; kunis immoo isa Caaffata keessatti dubbatamee fi abadchiifame, wanti guddaan weerarsu lafa irratti akka dhufu isa dubbatame dhibbaa dhibbatti raawwachuufi; quruphisoonni gurguddoon dubartoota rifeensa mataa of irraa muran in weerarsu, quruphisoonni kunniin akkuma dubartootaa rifeensa dhedheeraa qabaachuuf jiru. Yaa Gooftaa, wantoota nam naasisan garaa garaa sammuu dimimmisaa'aa keessa jiran sana keessatti arguuf jiru, arganiis yaa dhagootaa yaa tullootaa narratti jigaa jedhanii iyyuuf jiru. Dubartiin Si ulfeessuuf mucaa guddisuu manna, saree fi adurreef haadha taateefii guddisuuf jirti. Warri Ati akka ulfaa'anii mucaa godhatan gootes, ijoollee isaanii gad-dhiisii godhanii akka barbaadanitti akka jiraataniif gadi dhiisaniiru. Yaa Gooftaa, kun waan nama dinqu miti, sababiin isaa, Ati yeroo gara fannootti deemaa turtetti, “Yeroo sanatti, dhagoonnii fi tulloonni akka isaan irratti jiganiif iyyuuf jiru” jettee dubbatta'oo.

120 Wantoonni baay'een gara yeroo kanaatti sosocha'aa utuu jiranii in argina. Caaffanni utuu mul'inatti mirkaneeffamaa jiruu argaa jirra. Yaa Gooftaa, yeroo Isa argunitti, ija keenyaan Si (utuu ati bakkeetti baafamtee mul'ifamtuu) argaa jirra, guyyaa tokko Ol Butamuun ta'ee bakkeetti baafamee mul'ifamuu Sagalichaa arguuf jirra, innis, “Ilmi namaa duumessa ulfinaatiin Ergamoota Isaa wajjin dhufuuf jira; nuyi immoo Isa simachuudhaaf qilleensa keessa ol butamuuf jirra.” Inni yeroo sanatti… Nuyi amma isa dhageenyeerra, yeroo sanatti immoo ija keenyaan arguuf jirra.

Yaa Gooftaa, Isa keessatti akka argamnuuf, iddoo qophaa'e tokkicha sanatti akka argamnuuf Si kadhanna. Inni aarsaa dhi'eeffamu dha. Nuyi Isa, waa'ee Yesus Kristos waan dhageenye, karaa Maqaa Yesus Kristosiin Hafuura Qulqulluutti cuuphamnee fidnee dhufneerra. Achittis aarsaan keenya simatamee maatii Waaqayyootti dabalamneerra; sababiin isaa, biyya lafaa keessa faffacaanee yoo turre iyyuu, nuyi ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo taanee uumamuu biyya lafaatiin dura muudamne waan ta'eef. Yaa Abbaa, isa kanaaf Si galateeffanna. Oo, namni tokko erga Dhugaa argatee booda, erga Waaqayyo biyya lafaa keessaa akka isa fo'ate erga beekee booda, attamitti waan akkasittii deebi'uu danda'a? Guyyaan fayyina itti argadhe namoota miliyoonotatu dhabe.

121 Yaa Hoolicha qalamee, an attamittan Si galateeffachuu danda'aa? Garaan koo (onneen koo) attamitti Si duratti qulqulluu ta'uu danda'aa? Yaa Waaqayyo jaallatama, dhugaatti akkan jiraadhuuf na gargaari. Yaa Waaqayyo, utuun hin beekin, ani…Attamitti akka…hin beekne, yaa Gooftaa, attamitti akkan Si kadhachuu qabu hin beeku; tarii karaa sirrii ta'een si gaafachuu dhiisuun danda'a ta'a. Ati garuu, yaa Gooftaa, wallaalummaa koof naa dhiisii, garaa koo keessa ilaali. Yaa Abbaa, namni tokko illee isaan keessaa akka hin banneefan Si kadhadha, namni tokko illee akka hin banne. Tokkoo tokkoon isaanii dabarseen Siif kenna. Maqaa Yesus Kristosin. Ameen.

Nan jaalladha Isa, nan…

Yoo Isa jaallatan, walii walii keessan jaalladhaa. Walii walii keessan harka wal fuudhaa.

MESSAGE hub online
www.messagehub.info

Kan Lallabame
Williyaam Maariyoon Biraanhaam
"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7